




BARNOOTA HERREGAA

Kitaaba Barataa Kutaa 3



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

KITAABA KANA HAALA GAARIITIIN QABACHUUN ITTI GARGAARAMI.



Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetii dha.

Akka miidhaa irra hingeessisne yookiin miidhaan akka irra hin geenye eeggadhu.

Kitaaba kana haala gaariitiin qabachuuf, qajeelfamoota armaan gadiitti fayyadam.

- 1 Kitaabicha gaazexaa, pilaastikii yookaan waraqaadhuma argatte itti huffisi.
- 2 Kitaabicha yeroo hunda bakka gogaa fi qulqulluu ta'e kaa'i.
- 3 Kitaabicha yeroo hunda harka qulqulluutiin qabadhu.
- 4 Qola isaa irratti yookaan keessa isaatti hoomayyu hin barreessiin.
- 5 Bakka booda banachuu barbaaddu kaardiin yookaan waraqaa gabaabaa keessa kaa'uun mallattoo taasifadhu.
- 6 Fuula tokko yookiin fakkii tokkollee keessaa tarsaasuuf hin yaaliin.
- 7 Fuulli tarsa'e yoo jiraate, happee yookiin pilaasteriin deebisii walqabsiisi.
- 8 Karaa irrattiis haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
- 9 Kitaabicha yommuu nama biraatti kennitu eeggadhu.
- 10 Kitaaba haaraatti yeroo duraatiif yommuu gargaaramtu, kitaabicha, dugdaan ciibsi si'a tokko fuulota muraasa qofa galagalchi. Suuta jedhii jidduu kitaabichaa harkaan gadi qabi. Haalli kunis qolli kitaabichaa akka hin miidhamne gargaara.



BARNOOTA HERREGAA

KITAABA BARATAA

KUTAA SADAFFAA

Barreessaan

Addaamuu Nyaaroo
Abarraa Balaay
Daadhii Asaffaa
Taaddasaa Gammachuu

Madaaltota

Xilaahun Alamuu
Aliyyi Uluu
Laggasaa Tarrafaa



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa



Kanmaxxfanfame ALI bara 2003 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti piroojektii fooyya'insa Barnoota walii-galaatinidha. Piroojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati. Mirgi hundi eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yookiin haala labsii Ripaabillikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkoofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yookiin mirga ollummaan qabu eegsisuun kan inni hayyameef irraa barreeffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin ittigargaaramuuf kaawwachuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yookiin kuusuun dhorkaadha.

Ministeerri Barnootaa qaamota gareeewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalan galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hinfudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamnaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiiloo, Lakkoofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

Qophaa'ee kan maxxanfame

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

fi

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

ISBN 978-99944-2-156-5

BAAFATA

Boqonnaa 1 LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRANII FI TARTIIBA ISAANII ... 1

1.1	KEESSA DEEBII LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 1000TTI JIRANII	1
1.2	KEESSA DEEBII LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 100TTI JIRANIIN SHALLAGUU	12
1.3	BAAY'ATTOOTA 100 FI 1,000 KANNEEN HAMMA 10,000TTI JIRAN	19
1.4	LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRAN	25
1.5	LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRAN WALIIN MADAALUU FI TARTIIBESSUU	32

Boqonnaa 2 SAFAROOTAA 38

2.1	DHEERINA MILIIMEETIRAAN (mm), SAANTIMEETIRAAN (cm), FI KILOOMEETIRAAN (km) SAFARUU	38
2.2	QABEE DHANGAL'OO MILIILITIRII FI LIITIRIN SAFARUU	45
2.3	GIRAAMII, KILOOGIRAAMII FI KUNTAALAN HANGA SAFARUU	47

Boqonnaa 3 SEENSA FIRAAKSHINOOTAA..... 50

3.1	KEESSA DEEBII FIRAAKSHINOOTAA.....	50
3.2	FIRAAKSHINOOTA TOKKEE $\frac{1}{2}$ HAMMA $\frac{1}{10}$ TTI JIRAN	51
3.3	WALAKKOOTAA FI KURMAANOTA LAKKOOFSA HUNDAA	53
3.4	FIRAAKSHINOOTA SASSALPHOO WALIIN MADAALUU	55

Boqonnaa 4 LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI IDA'UU FI HIR'ISUU 56

4.1	LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI IDA'UU.....	56
4.2	HIR'ISUU LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTII	66
4.3	PIROOBILEEMOTA JECHAA IDA'UU FI HIR'ISUU OF KEESSAA QABAN.....	73

Boqonnaa 5 **BAAY'ISUU FI HIRUU LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI 77**

- 5.1** LAKKOOFSA HUNDAA BAAY'ATTOOTA 100 TA'AN LAKKOOFSA HUNDAA KAN DIJITII TOKKOOTIN BAAY'ISUU77
- 5.2** LAKKOOFSA HUNDAA BAAY'ATTOOTA 1000 TA'AN LAKKOOFSA HUNDAA DIJITII TOKKOOTIN BAAY'ISUU81
- 5.3** LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRAN LAKKOOFSA 1 - 9TTIN BAAY'ISUU83
- 5.4** BAAY'ATTOOTA 10 FI 100 HAMMA 10,000TTI JIRAN LAKKOOFSA DIJITII 1 FI 10F HIRUU93
- 5.5** LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRAN, LAKKOOFSA DIJITII TOKKO QABANII FI 10F HIRUU97

Boqonnaa 6 **SARAROOTAA FI DANAALAA SASSALPHOO 106**

- 6.1** SARAROOTAA WALQAXXAAMURAN, WALTARREE FI PARPANDIIKULARII TA'AN106
- 6.2** SARAROOTAA WALQAXXAAMURAN, WALTARREE FI PARPANDIIKULARII FAKKEESSUU109
- 6.3** REKTAANGILOOTA, ISKUWEEROTA, PARAALOOGIRAMOTAA FI TIRAAPPIIZIYAMOTAA115
- 6.4** GEENGOO120

Boqonnaa 7 **MAALLAQA 123**

- 7.1** YUUNITOOTAA MAALLAQAA WALITTI JIJJIIRUU123
- 7.2** PIROBILEEMOTAA JEECHAA127

Boqonnaa 8 **YEROO 129**

- 8.1** SA'AATII DUBBISUU129
- 8.2** SA'AATII FI DAQIIQAA131
- 8.3** GUYAA, TORBAN, JI'AA FI WAGGAA133
- 8.4** KAALANDARII SALPHAA134

Boqonnaa 9 **QABANNAA DAATAA 136**

- 9.1** GIRAAFOTAA FAKKIILEE SASSALPHOO136
- 9.2** GIRAAFOTAA FAKKII SASSALPHOO JBSUU138

Boqonnaa

1



99 209 782 1000
250 + 7 = 257
1 600 999

LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRANII FI TARTIIBA ISAANII

1.1 KEESSA DEEBII LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 1000TTI JIRANII


1.1.1 Lakkoofsa hundaa hamma 1000tti jiran

Dhibboota, Kurnootaa fi tokkeewwan




Gocha 1

1 Dhibboota, Kurnootaa fi tokkeewwan meeqa qaba?



dhibboota

300



kurnoota

40



tokkeewwan

5

= 345


2 Lakkoofsa gocha lakkoofsa Iffaa irratti argatte gabatee lakkoofsaa irratti agarsiisi.

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan	
			345
Dhibba sadii fi afurtamii shan			


Gilgaala - 1

Lakkoofsa isa sirrii ta'etti marsi


1



2




3 530 533 353	4 318 380 308
5 853 538 835	6 619 691 916



Abaakasii kanarratti dhibboota 2 kurnoota 7 fi tokkeewwan 4tu argama. Kana yeroo diddiriirsinu/balballoom-sinu

$$200 + 70 + 4 = 274$$

Lakkoofsi abaakasiirratti agarsiifame 274 ta'a.




Dhibboota 5 Kurnoota 3 tokkeewwan 9
 $500 + 30 + 9 = 539$

Gilgaala - 2

A *Lakkoofsa isa abaakasiirratti argisiifametti mari*


1



Mana Mana Mana
DhibbaaKudhanii Tokkee

365 653 563


2



Mana Mana Mana
DhibbaaKudhanii Tokkee

205 520 502


3



Mana Mana Mana
DhibbaaKudhanii Tokkee

799 997 979


4



Mana Mana Mana
DhibbaaKudhanii Tokkee

654 456 564


5



Mana Mana Mana
DhibbaaKudhanii Tokkee

220 22 202

6



Mana Mana Mana
DhibbaaKudhanii Tokkee

841 148 481

B *Lakkoofsa isa sirrii ta'etti mari.*

1 Dhibboota 4 kurnoota 6 tokkee 7

764 476 467

2 Dhibboota 3 kurnoota 2 tokkee 5

235 352 325

3 Dhibboota 2 Kurna 0 tokkee 6

260 206 620

4 Dhibboota 5 kurnoota 4 tokkee 0

540 450 405

5 $400 + 70 + 4$

447 474 744

6 $600 + 50 + 9$

659 596 956

7 $800 + 4$

840 408 804


8 $100 + 70 + 3$

173 137 731

1.1.2 Lakkoofsa Hundaa Hamma 1000tti

Barreessuu

Fageenyi Magaala Hawaasaa Finfinneerraa kiilomeetra dhibba lamaa fi torbaatamiisadii. Dhibboota, kurnootaafi tokkee meeqa meeqa qaba?



dhibboota

kurnoota

tokkee

$$\underline{\hspace{2cm}} + \underline{\hspace{2cm}} + \underline{\hspace{2cm}} = 273$$

Dhibba lamaa fi torbaatamii sadii.

Lakkoofsota kana gabatee lakkoofsaarratti agarsiisi.

Gilgaala - 3

A *Lakkoofsa dijiitii sadii danaaleen mul'isan barreessi.*


1

Dhibba	Kurnoota	Tokkee
<u> </u>	<u> </u>	<u> </u>
<u> </u> = <u> </u> .		


2

Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
<u> </u>	<u> </u>	<u> </u>
<u> </u> = <u> </u> .		

3



Dhibboota




Kurnoota




Tokkee

= _____.

4



Dhibboota




Kurnoota




Tokkee

= _____.

5



Dhibboota




Kurnoota



Tokkee

= _____.

6



Dhibboota




Kurnoota




Tokkee

= _____.

7



Dhibboota




Kurnoota




Tokkee

= _____.

8



Dhibboota



Kurnoota




Tokkee


= _____.

B *Lakkoofsa isa abaakasii irratti argisiifame kan ibsu barreessi.*


1




2



3



4



Gilgaalota Dabalataa

Lakkoofsaan barreessi.

5 Dhibba 5 kurna 2 tokkee 4

6 Dhibba 9 kurna 3 tokkee 2

7 Dhibba 2 kurna 8 tokkee 1

8 Dhibban 4 kurna 6 tokkee 8

9 Dhibba 8 kurna 3 tokkee 9

10 Dhibba shanii fi jaatamiilama

11 Dhibba saddeetii fi kudha ja'a

12 Dhibba 6 kurna 8 tokkee 7

13 Dhibba 7 kurna 3

14 Dhibba 4 tokkee 6

15 $400 + 60 + 8$

Lakkoofsota armaan gaditti kennaman jechaan barreessi.

16 469 17 985 18 206 19 324 20 615 21 719

Gabatee armaan gadiirraa fageenya magaalonni kennaman Finfinneerraa qaban dhibbootaan, kurnootaaniifi tokkeen barreessi.

Fakkeenya: Walqixxee $158 = 100 + 50 + 8$

	Maqaa Magaalota	Fageenya isaanii Finfinneerra
22 Langaanoo	Walqixxee	158
23 Naqamtee	Langaanoo	212
24 Arbaaminci	Naqamtee	328
25 Jijjigaa	Arbaaminci	505
26 Mattuu	Jijjigaa	954
	Mattuu	625


1.1.3 Dursaa fi ittifufaa

Gocha 2

Lakkoofsi tokkoon 457 gadi ta'e 456.

Sababni isaas $456 = 457 - 1$

Lakkoofsa hundaa 'a' zeeroo hinta'iin maraaf $a - 1$ lakkoofsa dursaa 'a' ti.



Lakkoofsi tokkoon 457 ol ta'e 458.

Sababni isaas $458 = 457 + 1$

Lakkoofsa hundaa 'a' zeeroo hin ta'iin maraafiyyuu $a + 1$ lakkoofsa itti fufaa 'a' ti.

Xiyyoota lakkoofsaa armaan gadii ilaaluudhaan fakkeenya kennaman qayyabadhu.

70 71 72 73 74 75 76 77 78 79 80	100 101 102 103 104 105 106 107 108 109 110
✓ 73 dursaa 74ti	✓ 105 dursaa 106ti
✓ 75 itti fufaa 74ti	✓ 107 itti fufaa 106ti
✓ 70 baay'ataa 10 kan ta'e dursaa 74 ti	✓ 100 baay'ataa 10 kan ta'e dursaa 106
✓ 80 baay'ataa 10 kan ta'e itti fufaa 74 ti	✓ 110 baay'ataa 10 kan ta'e itti fufaa 106

Gilgaala - 4

Lakkoofsota armaan gaditti kennamaniif dursaa fi itti-fufaa isaanii bakka duwwaatti guuti.

1		127	
2		243	
3		569	
4		849	
5		898	

6		374	
7		561	
8		222	
9		600	
10		999	

Lakkoofsota armaan gaditti kennamaniif dursaa fi itti-fufaa baay'ataa 10 ta'an bakka duwwaa kennametti guuti.

1		44	
2		125	
3		65	

4		647	
5		89	
6		833	

Lakkoofsota hundaa hir'atan bakka duwwaatti barreessi.

7	701	702		704			
8	468	469					
9			155	156			
10			341			344	
11	20	30					80
12	750	760					810

Gabatee kana guuti.

	Lakkoofsa Hundaa	Dursaa	Itti fufaa	Dursaa baay'ataa 10	Itti fufaa baay'ataa 10
13	342				
14	409				
15	725				
16		612			
17			248		

1.1.4 Lakkoofsota hundaa hamma 1000tti jiran waliin madaaluu fi tartiibessuu

A Waliin Madaaluu

Mana kitaabaa uummataa tokko keessa kitaabolee herregaa 572 fi kan saayinsii 530tu jira. Baay'inaan kan argaman kitaabolee herregaatimoo kitaabolee saayinsii ti?

☞ Gaaffii kana deebisuuf baay'ina kitaabolee kana waliin madaalla.



572 fi 539 waliin madaaluuf, dura dhibboota waliin madaalla. Yoo isaan wal qixa ta'animmoo kurnoota waliin madaalla. Lokkoofsonni lamaanuu dhibboota shan shan qabu. 572 kurnoota 7 yommuu qabaatu, 539 kurnoota 3 qaba. 7 fi 3 yeroo waliin madaallu 7tu caala.

Kanaafuu

$$572 > 539$$

$$539 < 572$$

Kana waan ta'eef, baay'inaan kan argamu kitaaba herregaati.

Fakkeenya

Waliin madaali.

$$a \quad 371 \quad \text{_____} \quad 95$$

95 dhibbota hin qabu.

371 dhibbota 3 qaba.

Kanaafuu,

$$371 > 95 \text{ yookiin } 95 < 371$$

$$b \quad 476 \quad \text{_____} \quad 471$$

Lakkoofsonni lamaanuu dhibbota afur afur qabu.

Lakkoofsonni lamaanuu kurnoota torba torba qabu.

Inni 476 tokkeewwan 6 qaba inni 471 garuu tokkee 1 qaba.

Kanaafuu, $476 > 471$ yookiin $471 < 476$

Gilgaala - 5

Mallattoo '<' ykn '>' geengoo keessatti barreessuun himoota dhugoomsi.

$$1 \quad 600 \quad \text{○} \quad 300$$

$$2 \quad 426 \quad \text{○} \quad 941$$

$$3 \quad 544 \quad \text{○} \quad 643$$

$$4 \quad 726 \quad \text{○} \quad 789$$

$$5 \quad 156 \quad \text{○} \quad 115$$

$$6 \quad 396 \quad \text{○} \quad 399$$

$$7 \quad 200 \quad \text{○} \quad 500$$

$$8 \quad 746 \quad \text{○} \quad 996$$

$$9 \quad 554 \quad \text{○} \quad 550$$

$$10 \quad 674 \quad \text{○} \quad 695$$

$$11 \quad 136 \quad \text{○} \quad 636$$

$$12 \quad 896 \quad \text{○} \quad 377$$

B Tartiibessuu

Gabatee gara mirgaarratti fageenyi magaalonna eeraman Finfinneerraa qaban kennameera. Gabatee kanatti gargaaramuun fageenya isaanii dhiyoorraa jalqabuun tartiibessi.

Maqaa Magaalaa	Fageenyaa Finfinneerraa qabu km'n
Jimmaa	357
Nageellee	610
Adaamaa	110
Gondor	738

Lakkoofsota kana tartiibessuuf lama lamaan fudhanee waliin madaalla.

357, 610, 110, 738

$$110 < 357$$

$$357 < 610$$

$$610 < 738$$

Magaalonni kun fageenya Finfinneerraa qabaniin dhiyoorraa kaanee yeroo tartiibessinu, akka kana ta'a.

$$110 < 357 < 610 < 738$$

Magaalonni kun dhiyeenya isaaniitiin yeroo tartiibessaman:

Adaamaa, Jimmaa, Nageellee, Gondor ta'u.

Gilgaala - 6

Xiqqaarraa gara guddaatti tartiibessii barreessi.

1 35, 26, 39, 21 **2** 258, 250, 227 **3** 624, 696, 623, 641

4 396, 589, 428, 598 **5** 151, 146, 117, 306,

Guddaarraa gara xiqqaatti tartiibessi.

6 9, 15, 27, 32 **7** 515, 501, 526, 561 **8** 547, 66, 395, 709

9 103, 109, 105, 112 **10** 786, 780, 784, 782

Lakkoofsa hundaa qubeen bakka bu'an hunda isaanii barreessi.

11 $484 < a < 491$ **12** $119 < a < 127$ **13** $459 < a < 468$

14 $212 < b < 227$ **15** $323 < b < 333$ **16** $405 < b < 411$

1.2 KEESSA DEEBII LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA

100TTI JIRANIIN SHALLAGUU

1.2.1 Lakkoofsota dijiitii lamaa Ida'uu

Mana barumsaa tokko keessatti ijoolleen kutaa 3^{ffaa} dhiirri 24 fi dubara 25tu jira. Kutaa 3^{ffaa} kana keessa barattoota meeqatu jira?

Furmaata: Baay'ina barattootaa argachuuf baay'ina dhiiraa fi dubaraa walitti idaana.

Kanaafuu, kutaa kana keessatti barattoota 49tu argama.

Fakkeenya 1

Jalqaba tokkeewwan ida'i.	Itti aansuudhaan kurnoota ida'i.
24	24
<u>+ 25</u>	<u>+ 25</u>
9	49
$4 + 5 = 9$	$2 + 2 = 4$

$24 + 25 = 49$
24 fi 25 Ida'amtota
49 immoo ida'ama
jedhamu.

Fakkeenya 2

48 fi 26 ida'i.

Tokkee ida'i [Tokko hambifanna]	itti aansuun [kurnoota ida'i]
1	1
48	48
<u>+ 26</u>	<u>+ 26</u>
4	74
$8 + 6 = 14$	$1 + 4 + 2 = 7$
14 = kurna 1 fi tokkee 4	

Gilgaala - 7

Ida'i

1 36	2 49	3 56	4 72	5 49
<u>+41</u>	<u>+50</u>	<u>+18</u>	<u>+16</u>	<u>+26</u>
6 78	7 60	8 34	9 31	10 77
<u>+ 5</u>	<u>+78</u>	<u>+36</u>	<u>+58</u>	<u>+29</u>

Pirobileemota Jechaa

- 11** Mana barumsaa tokko keessa barattoonni kutaa 2^{ffaa} dubara 42 fi dhiira 45 tu jira. Walumatti barattoota meeqatu kutaa kana keessa jira?
- 12** Mana barumsaa kana keessa barsiisonni dhiira 28 fi dubara 14 yoo jiraatan walumatti barsiisota meeqatu jira?

1.2.2 Lakkoofsa dijiitii lamaa hir'isuu

Kutaa tokko keessa barattoota 58tu jira. Dhiira 24tu jira yoo ta'e dubarri meeqa ta'u?

Tokkee walirraa hir'isi.	Itti aansuudhaan kurnoota hir'isi.
$\begin{array}{r} 58 \\ - 24 \\ \hline 4 \end{array}$ $8 - 4 = 4$	$\begin{array}{r} 58 \\ - 24 \\ \hline 34 \end{array}$ $5 - 2 = 3$

58 – 24 = 34 keessatti
58 hir'ataa, 24 hir'isaa fi
34 caalmaa jedhamu

Kanaafuu kutaa kana keessa dubara 34 tu jira.

Fakkeenya

Dallaa obbo Caalaa keessa saawwan dhaltii 45fi sangoota 29 tu jira. Baay'inni saawwan dhaltii baay'ina sangootaa meeqaan caala?

Tokkee wal irraa hir'isuuf Kan jiru ga'aa miti	kurna 1 liqeeffadhu. Kurna 1 + 5 = tokkee 15	tokkee walirraa hir'isi	kurnoota walirraa hir'isi
$\begin{array}{r} 45 \\ - 29 \\ \hline ? \end{array}$ $5 - 9 = ?$	$\begin{array}{r} \textcircled{3} \textcircled{15} \\ 45 \\ - 29 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r} \textcircled{3} \textcircled{15} \\ 45 \\ - 29 \\ \hline 6 \end{array}$ $15 - 9 = 6$	$\begin{array}{r} \textcircled{3} \textcircled{15} \\ 45 \\ - 29 \\ \hline 16 \end{array}$ $3 - 2 = 1$

Kanaafuu baay'inni saawwanii baay'ina sangootaa 16'n caala.

Gilgaala - 8

Hir'isi

1 61 - 4 <u> </u>	2 74 - 15 <u> </u>	3 39 - 45 <u> </u>	4 50 - 18 <u> </u>	5 67 - 29 <u> </u>
6 53 - 3 <u> </u>	7 77 - 12 <u> </u>	8 52 - 29 <u> </u>	9 46 - 29 <u> </u>	10 32 - 58 <u> </u>

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 11** Hospitaala tokko keessa doktoroota 6 fi narsoota 29tu jira. Baay'inni narsootaa meeqaan baay'ina doktorootaa caala?
- 12** Caaltuun handaaqqoo 47 qabdi. 19 yoo keessaa gurgurte meeqatu ishiif hafa?
- 13** 72 meeqaan 27 caala?
- 14** 56 meeqaan 66 gadi ta'a?

Gilgaala dabalataa**Kan armaan gaditti kennaman shallagi.**

1 12 +35	2 20 +40	3 73 +26	4 44 + 22	5 85 + 4
6 37 -22	7 41 -30	8 77 - 65	9 40 - 20	10 45 -14
11 84 +39	12 36 + 16	13 55 + 38	14 79 + 25	15 54 + 55
16 17 - 9	17 35 -28	18 61 -33	19 94 - 25	20 63 -36

Gabatee kennamerratti hundaa' uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

- 21** Barattoota meeqatu kutaa 3A keessatti argama?
- 22** Barattoota meeqatu kutaa 3B keessatti argama?
- 23** Kutaa 3A keessa barattoonni dhiiraa jiraan meeqaan warra dubaraa 3A keessa jiran caalu?
- 24** Kutaa 3A keessa barattoonni dubaraa jiran meeqaan warra dhiiraa 3B keessa jiran caalu?
- 25** Barattoonni baay'een kutaa isa kam kessatti argamu? Garaagarummaan isaaniis meeqa?

Barattoota kutaa 3 ^{ffaa} keessatti argaman		
Kutaa	3A	3B
Dhiira	32	25
Dubara	27	30

Qajeelfama kenname hordofuudhaan bakka duwwaa guuti.

26	27	28	29
Qajeelfama: 15 Ida'i	Qajeelfama: 47 Ida'i	Qajeelfama: 49 hir'isi	Qajeelfama: 65 hir'isi
24	20	59	75
36	12	60	86
75	37	93	95
84	47	99	84

1.2.3 Lakkoofsa dijiitii lamaa baay'isuu

Saani tokko guyyaatti aannan liitirii 12 elmamti yoo ta'e, guyyaa sadii keessatti liitirii meeqa elmamti?

$$3 \times 12 = \square$$



Jalqaba tokkee Baay'isi	itti aansuudhaan kurnoota baay'si
$\begin{array}{r} 12 \\ \times 3 \\ \hline 6 \end{array}$ $3 \times 2 = 6$	$\begin{array}{r} 12 \\ \times 3 \\ \hline 36 \end{array}$ $3 \times 1 = 3$

$3 \times 12 = 36$
3 fi 12 hirmaattoota, 36 baay'ataa jedhama.

Kanaafuu, guyyaa 3 keessatti liitirii 36 elemamti.

Fakkeenya

Baay'isi.

a $3 \times 24 = \square$

b $7 \times 24 = \square$

Tokkee baay'isi [tokko hambifatta]	Kurnoota baay'isi [Tokko isa hambifatte Itti ida'i]
$\begin{array}{r} 1 \\ 24 \\ \times 3 \\ \hline 2 \\ 3 \times 4 = 12 \end{array}$	$\begin{array}{r} 1 \\ 24 \\ \times 3 \\ \hline 72 \\ 3 \times 2 = 6 \\ 6 + 1 = 7 \end{array}$

2	$7 \times 4 = 28$
24	$28 = \text{kurna } 2 \text{ fi}$
$\times 7$	Tokkee 8 qaba
<u>168</u>	Kanafuu 2 hambifanna
	$7 \times 2 = 14, 14 + 2 = 16$

Gigaala - 9

Baay'isi

1 31×2	2 34×3	3 40×2	4 12×8	5 25×3
6 13×5	7 41×5	8 43×7	9 83×9	10 42×6

Pirobileemota Jechaa

- 11 Oorruu bunaa Jimmatti argamu keessaa hojjattonni buna funaanan guyyaatti guuboo 86 funaanu. Guyyaa 6 keessatti guuboo meeqaa funaanuu danda'u? _____
- 12 Gatiin qalqalloo tokkoo yoo qarshii 15 ta'e, kan qalqalloo shanii meeqaa ta'a? _____



1.2.4 Lakkoofsota dijiitii lamaa kan dijiitii tokkoof hiruu

Kutaa tokko keessa barattoota 48tu jira. Barsiisaan jabeenya qaamaa isaanii garee 6tti qoodde yoo hiriirse, tokkoo tokkoo garee keessatti barattoota meeqatu argama?



Furmaata:

Lakkoofsi 6'n baay'atee 48 fidu meeqa akka ta'e yaadi.

$$48 \div 6 = \square$$

$$\text{Kanaafuu } 48 \div 6 = 8$$

Itti yaadi!

$$6 \times 8 = 48$$

kana waan ta'eef garee tokko keessaatti barattoota 8tu argama.

$$48 \div 6 = 8$$

→ 48 hirmaa → 6 hirmataa
→ 8 ga'ee jedhamu

Fakkeenya**Hiri.**

a $24 \div 4 = \square$

b $7 \overline{)49}$

$$\text{Kanaafuu } 24 \div 4 = 6$$

Itti yaadi!

$$4 \times 6 = 24$$

$$\text{Kanaafuu, } 7 \overline{)49}$$

Itti yaadi!

$$7 \times 7 = 49$$

Gilgaala - 10**Hiri**

1	$21 \div 7$	2	$36 \div 4$	3	$30 \div 6$	4	$12 \div 4$
5	$28 \div 4$	6	$40 \div 5$	7	$48 \div 8$	8	$25 \div 5$
9	$3 \overline{)9}$	10	$3 \overline{)15}$	11	$7 \overline{)42}$	12	$6 \overline{)54}$
13	$4 \overline{)32}$	14	$9 \overline{)54}$	15	$8 \overline{)64}$	16	$9 \overline{)63}$

Pirobileemota Jechaa

- 17** Kaartoonii tokko keessa kitaabota 4 kaa'uun ni danda'ama. Kitaabolee 36 kaa'uuf kaartoonii meeqa barbaachisa?
- 18** Ifaan ija baaqelaa 35 toora 5 irra wal qixeetti hiree dhaabe. Tokkoon tokkoo tooraarra ija meeqa dhaabe?


1.3 BAAY'ATTOOTA 100 FI 1,000 KANNEEN HAMMA 10,000TTI JIRAN

1.3.1 Baay'attoota 100 kanneen hamma 10,000 tti Jiran

Ulfinni boqqolloo kuntaala tokkoo kiloogiraamii 100. Kan kuntaala 3 kiloogiraamii meeqa ta'a?



$$\text{Dhibbi 1} = 1 \times 100 = 100$$



$$\text{Dhibbi 2} = 2 \times 100 = 200$$



$$\text{Dhibbi 3} = 3 \times 100 = 300$$

Kanaafuu, boqqolloon kuntaalli 3 kiilogiraamii 300 ta'a.

Qalbeeffadhu!

$$\text{Dhibbi 15} = 15 \times 100 = 1500 \text{ [Kuma tokkoo fi dhibba shan]}$$

$$\text{Dhibbi 30} = 30 \times 100 = 3000 \text{ [Kuma sadii]}$$

Fakkeenya kanarraa kan hubannu 100, 200, 300, 1500, 3000 baay'attoota 100 ta'uu isaaniiti.

☞ *Lakkoofsa hundaa tokko 100'n yoo baay'ifne, manni tokkoo fi manni kudhanii yeroo hundaa 0 ta'u.*

Gilgaala - 11**A** *Lakkoofsaan barreessi.*

- 1 Dhibba 8 2 Dhibba 10 3 Dhibba 14
 4 Dhibba 26 5 Dhibba 64 6 Dhibba 80

B *Baay'attoota 100 hir'atan gabatee keessatti guuti.*

100	200	300						900	1000
1100	1200			1500					
	2200						2800		
					3600				
			5400						600
					6600				
						8700			
		9300							10000

C *Dhibba dhibbaan lakkaa'uudhaan baay'attoota 100 isaan hir'atan gabatee irratti guuti.*

1	800		1000	1100		
2	4000	4100			4400	
3	9200		9400			
4		7700		7900		
5	9500					10000

D *Baay'ataa 100tiin diddiriirsii/balballoomsii barreessi. Tokkooffaan siif hojjetameera.*

- 1 $400 = 4 \times 100$ 2 900 3 1000
 4 1200 5 3200 6 9900

E *Dhibba meeqaa qaba? Tokkoffaan siif hojjetameera.*

1 1300 Dhibba kudha sadii qaba.

2 500 **3** 1900 **4** 2000

5 6100 **6** 7800

F *Jechaan barreessi.*

1 600 **2** 1400 **3** 2200

4 800 **5** 5200 **6** 1700

G *Qajeelfama kenname hordofuudhaan bakka duwwaa gabatee guuti.*

1	2	3	4
Qajeelfama: 100'n baay'isi	Qajeelfama: Baay'ataa guuti.	Qajeelfama: Dursaa isa baay'ata 100 ta'e guuti.	Qajeelfama Itti fufaa isa baay'ataa 100 ta'e guuti.
8	20×100	300	500
7	35×100	600	7200
11	94×100	1200	8000
24	70×100	3700	4100
67	97×100	5000	6900

Pirobileemota Jechaa armaan gadii furi.


23 Namoonni ganda tokko keessa jiraatan boolla bishaanii qochisiisuuf maatiin tokko qarshii 100 akka baasu walii galani. Ganda sana keessa maatii 48tu jira yoo ta'e qarshii meeqatu buufamuu danda'a?

24 Noottii qarshii 25 keessa kan qarshii tokkoo meeqaa tu jira?

25 Noottii qarshii dhibbaa 50 keessa kan qarshii tokkoo meeqaatu jira?

1.3.2 Baay'attoota 1,000 kanneen hamma 10,000tti Jiran

Gatiin goommaa konkolaataa tokkoo qarshii 1000 yoo ta'e, gatiin goommaa 4 hammam ta'a?



Gatiin Qarshi 1000



Gatiin goommaa1: $1 \times 1000 = 1,000$

Gaatiin goomma 2: $2 \times 1000 = 2,000$

Gaatiin goomma 3: $3 \times 1000 = 3,000$

Gaatiin goomma 4: $4 \times 1000 = 4,000$

Kanaafuu, gatiin goommaa 4 qarshii 4000 ta'a.

Qalbeeffadhu!

Kumni 6 = $6 \times 1000 = 6000$ [Kuma ja'a]

Fakkeenya kanarra kan hubannu 1000, 2000, 3000, 4000, 6000 baay'attoota 1000 ta'uu isaaniiti.

☞ *Lakkoofsa hundaa tokko 1000n yoo baay'ifne, manni dhibbaa, manni kudhaniifi manni tokkoo yeroo hunda 0 ta'u.*

Gilgaala - 12

A Lakkoofsaan barreessi.

1 Kuma 5

2 Kuma 8

3 Kuma 4

4 Kuma 9

5 Kuma 3

6 Kuma 2

B Jechaan barreessi.

7 3×1000

8 1×1000

9 6×1000

10 7×1000

11 9×1000

12 10×1000

C *Baay'attoota 1000 kanneen ta'anitti mari.*

100	200	300	400	500	600	700	800	900
1000	1100	1200	1300	1400	1500	1600	1700	1800
1900	2000	2100	2200	2300	2400	2500	2600	2700
2800	2900	3000	3100	3200	3300	3400	3500	3600
3700	3800	3900	4000	4100	4200	4300	4400	4500
4600	4700	4800	4900	5000	5100	5200	5300	5400
5500	5600	5700	5800	5900	6000	6100	6200	6300
6400	6500	6600	6700	6800	6900	7000	7100	7200
7300	7400	7500	7600	7800	7900	8000	8100	8200
8300	8400	8500	8600	8700	8800	8900	9000	9100
9200	9300	9400	9500	9600	9700	9800	9900	10000

D *Baay'attoota kumaa hir'atan gabateerratti guuti.*

1	1000	2000		4000		6000
2	3000		5000			8000
3		3000			6000	
4				6000		8000
5	2000					7000
6			7000			10000

Dabtara keerratti garagalchiitii baay'attoota 100 kanneen ta'anitti mari.

1	300	410	3006	7200	4000	9205
2	6000	600	774	90	8004	904
3	833	4700	5200	10	899	10000

Dabtara keerratti garagalchiitii baay'attoota 1000 kanneen ta'anitti mari

4	200	3000	600	7000	100	5000
5	30	400	760	8000	2200	679
6	7544	6000	4000	2003	9000	1000

Tokkoon tokkoon kuntaala kanaa shukkaara kiilogiraamii (kg) 100 qabataniiru

- 1** Kuntaalli 5 shukkaara kg meeqa qabatani jiru?
- 2** Kuntaalli 10 shukkaara kg meeqa qabatani jiru?
- 3** Kuntaalli 25 shukkaara kg meeqa qabatani jiru
- 4** Shukkaara 10,000 kg naquuf Kuntaala meeqa barbaachisa?
- 5** Baay'attoota dhibbaa isaan 300 fi 1000 gidduutti argman barreessi.
- 6** Baay'attoota dhibbaa isaan 600 fi 1500 gidduutti argman barreessi.
- 7** Baay'attoota dhibbaa isaan 2500 fi 3500 gidduutti argman barreessi.
- 8** Baay'attoota dhibbaa isaan 3000 fi 8000 gidduutti argman barreessi.
- 9** Baay'attoota dhibbaa kanneen 5000 gadi ta'an barreessi.
- 10** Baay'attoota dhibbaafi kumaa kanneen 2000 fi 8000 gidduutti argman. barreessi.

1.4 LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI

JIRAN

1.4.1 Tokkeewwanii fi Kurnoota

Taattoo/Chaartii lakkoofsaarra kan jiru 34 bakka bu'a

Kurnoota	Tokkeewwan
III	IIII

Kurna 3

Tokkeen 4

$$30 + 4 = 34$$

- 1 Taattoo/Chaartii Lakkoofsaarra kan jiru lakkoofsa meeqa bakka bu'a?

Kurnoota	Tokkeewwan
IIII	II

- 2 48 akkamitti taattoo lakkoofsaarratti agarsiisuun akka danda'amu hiriyyootan keessan wajjiin mari'adhaa.

Gilgaala - 13

Lakkoofsota chaartii/taattoo Lakkoofsotaarratti agarsiifaman balballoomsuun [diddirirsuudhaan] akkasumas lakkoofsaan barreessi.

1

Kurnoota	Tokkeewwan
IIII	III

$$\underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$$

2

Kurnoota	Tokkeewwan
IIII	IIII

$$\underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$$

3

Kurnoota	Tokkeewwan
I	IIIIIIII

$$\underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$$

Lakkoofsaan barreessi.

4 $10 + 9$

5 $30 + 1$

6 $50 + 4$

7 $20 + 6$

8 $40 + 7$

9 $80 + 4$

Balballoomsuun/Diddiriirsii barreessi.

10 63

11 28

12 75

13 49

14 62

15 99

1.4.2 Tokkeewwan, Kurnootaa fi Dhibboota

Chaartii lakkoofsaa irra kan jiru 358 bakka bu'u.

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

Dhibba 3

Kurna 5

Takkeen 8

$$300 + 50 + 8 = 358$$

408 taattoo/Chaartii lakkoofsaa kanarratti agarsiisi.

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

Gilgaala - 14

Lakkoofsota chaartii/taattoo lakkoofsotaarratti agarsiifaman diddirirsuudhaan (balballoomsuun) akkasumas lakkoofsaan barreessi.

1

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

$$\underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{1cm}}$$

2

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

$$\underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{1cm}}$$

Lakkoofsaan barreessi.

3 $100 + 40 + 1$

4 $700 + 20 + 9$

5 $600 + 50 + 1$

6 $300 + 80 + 1$

7 $800 + 10 + 1$

8 $900 + 30 + 1$

Diddirirsii barreessi.

9 408

10 960

11 743

12 197

13 525

14 299

1.4.3 Manneen lakkoofsaa adda baafachuu

Lakkoofsa 637 gabatee manneen lakkoofsaarratti akkaataa armaan gadiitti agarsiisun ni danda'ama.

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan
6	3	7

➞ *Lakkoofsi 6 mana dhibbaa keessatti argama. Kanaafuu, gatiin bakkaa lakkoofsa 6, 600 ta'a.*

- ➔ Lakkoofsi 3 mana kudhanii keessatti argama. Kanaafuu gatiin bakkaa lakkoofsaa 30 ta'a.
- ➔ Lakkoofsi 7 mana tokkoo keessatti argama. Kanaafuu gatiin bakkaa lakkoofsaa 7 dhuma ta'a.

Gilgaala - 15

Lakkoofsota kennaman gabatee lakkoofsa keessatti barreessuun agarsiisi.

1 312

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

2 458

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

3 904

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

4 258

Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

Gatiin bakkaa lakkoofsota qalama diimaan barreeffamanii meeqa akka ta'e barreessi.

5 428

6 178

7 397

8 442

9 635


10 288

11 309


12 333

Lakkoofsota abaakasiirratti agarsiifaman barreessi.


13



14



15



16 Dijiitoota 1, 3 fi 8tti gargaaramuun lakkoofsota dijiitii sadii hunda barreessi.

17 Gaaffii 16^{ffaa} irraattii lakkoofsi inni hunda irra guddaan isa kami? Inni xiqqaan isa kami?

1.4.4 Tokkeewwan, Kurnoota, Dhibboota fi kumoota

Tulluuwwan Oromiyaa keessatti argaman keessaa tokko gaara Cilaaloo ti. Innis godina Arsiitti argama. Dheerinni isaas meetirii **4,154**.

4,154 gabatee mana lakkofsaa fi chaartii lakkoofsaan yommuu agarsiifaman,



Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan
Kumoota 4	Dhibba 1	Kurna 5	Tokkeen 4

$$4000 + 100 + 50 + 4 = 4,154$$

Gilgaala - 16

Lakkoofsota chaartiirratti kennaman lakkoofsaa fi balballoomsuun barreessi.

1

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

2

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

3

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

4

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

5	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

6	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

Lakkoofsota armaan gaditti kennaman gabatee mana lakkoofsaa irratti barreessi.

1	3,528	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

2	2,894	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

3	3,054	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

4	7,204	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

5	9,457	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

6	5,266	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan

Gatiin bakkaa lakkoofsa isa qalama diimaan barreeffamee meeqa?

7	3,741	8	6,321	9	4,567
10	7,752	11	8,989	12	4,024

Lakkoofsonni kun Kumoota, dhibboota, kurnootaafi tokkeewwan meeqa qabu?**13** 5,216 **14** 3,050 **15** 6,088**16** 3,294 **17** 7,009 **18** 4,117**19 Gabatee armaan gadii guuti.**

Lakkoofsota hundaa	Mannen lakkoofsota				Jechaan yommuu barreeffaman
	Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan	Kuma sadiifi dhibba saddeetiifi sagaltamii afur
3,894	3	8	9	4	
8,019					
1,257					
7,995					
6,340					
5,219					


Lakkoofsaan barreessi.**1** $2000 + 500 + 30 + 4$ **2** $6000 + 300 + 80 + 2$ **3** $1000 + 600 + 40 + 5$ **4** $8000 + 400 + 50 + 7$ **5** $5000 + 700 + 2$ **Diddiriirsuun barreessi.****6** 6,351 **7** 7,076 **8** 9,282 **9** 6,332 **10** 9,394**Lakkoofsaan barreessi.****11** Kumoota 3 dhibboota 2 kurnoota 9 fi tokkeewwan 7**12** Kumoota 2 fi tokkeewwan 4**13** Kumoota 5 dhibboota 3 kurnoota 8 fi tokkeewwan 6

14 kumoota 8 dhibboota 5 kurnoota 8 fi tokkeewwan 8


15 kumoota 6 kurnoota 4

Lakkoofsota hundaa abaakasiirratti agarsiifaman barreessi.


16




17




18




19



20




21



- 22** Abaakasii kennamerratti bakka elellaan hir'ate dabalii guutii. Bakka isaarra darbeemmoo mallattoo '×' kaa'udhaan agarsiisi.

5,807



1.5 LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRAN WALIIN MADAALUU FI TARTIIBESSUU.

1.5.1 Waliin Madaaluu

Abbaan suuqii tokko ji'a Fulbaanaa keessa barruulee 2,459 gurgure. Ji'a Guraandhalaa keessamoo barruulee 976 gurgure. Abbaan suuqii kun ji'a isa kam keessa barruulee baay'ee gurgure?

Furmaata:

Ji'a isa kam keessa barruulee baay'ee akka inni gurgure beekuudhaaf ji'a lachuu keessatti kan inni gurgure baay'ina isaanii waliin madaalla.

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan
2	4	5	9
	9	7	6

Baay'ina dijiitotaatiin inni caalu yeroo hunda isaa gudaadha.

$$2,459 > 978$$

YKN

$$978 < 2,459$$

Kanaafuu, abbaan suuqii kun barruulee baay'ee kan gurgure ji'a Fulbaanaa keessa.

Lakkoofsota dijiitii walqixa qaban yeroo waliin madaallu, dura mana lakkoofsaa isa guddaarraa jalqabna(bitaarra gara mirgaatti). Dijiitonni mana lakkoofsaa isa guddarratti argaman yoo walqixa ta'an, mana lakkoofsa isa itti aanuu irra warra jiran waliin madaalla.

Fakkeenya

a 5,294 fi 6,245 waliin madaali.

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan
5	2	9	4
6	2	4	5

$$5 < 6$$

5 < 6 waan ta'eef 5,294 < 6,245

b 8,344 fi 8,319 waliin madaali.

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan
8	3	4	4
8	3	1	9

Walqixa Walqixa $4 > 1$

1 < 4 waan ta'eef 8,319 < 8,344

c 9,346 fi 9,341 waliin madaali.

Kumoota	Dhibbota	Kurnoota	Tokkeewwan
9	3	4	6
9	3	4	1

Walqixa Walqixa Walqixa $6 > 1$

1 < 6 waan ta'eef 9,341 < 9,346

Gilgaala - 17

Mallattoo '<' ykn '>' tti gargaaramuun waliin madaali.

1 1,563 < 2,277

2 2,045 ☐ 962

3 1,567 ☐ 1,550

4 1,004 ☐ 1,025

5 9,524 ☐ 9,530

6 7,344 ☐ 7,255

7 3,205 ☐ 2,606

8 7,204 ☐ 6,204

9 3,591 ☐ 3,599

10 210 ☐ 2,010

11 5,011 ☐ 5,110

12 3,608 ☐ 3,609

Gabatee armaan gaditti kenname faana bu'uun gaaffilee 13 hamma 16tti kennaman soba ykn dhugaa jedhiitii deebisi.

Sirna gadaa Oromoo keessatti bara abootiin Gadaa bokkuu itti fudhatan

Obbo Galgaloo	1881
Obbo Raagoo	1847
Obbo Mul'ataa	1908
Obbo Aagaa	1924
Obbo Namarraa	1864

- 13** Obbo Namarraan Obbo Aagaa dursanii bokkuu fudhatani.
- 14** Obbo Mul'ataan dursanii warra bokkuu fuudhan keessaa isa tokko.
- 15** Obbo Raagoon kan bokkuu fuudhan obbo Namarraa booda dha.
- 16** Obbo Mul'ataan obbo Aagaa dursanii bokkuu fuudhani.
- *17** Obbo Bakareen bara 1917 bokku fudhatani. Obbo Bakareen eenyurraa bokkuu fuudhan? (Gabatee armaan olii irraa)

1.5.2 Tartiibessuu

Gabatee armaan gadiirratti dheerinni lageen biyya keenya keessatti argamanii kiilomeetiraan kennamaniiru.

Maqaa lagaa	Dheerina km n
Abbaay	1450
Hawaas	1200
Takkazee	608
Waabii Shabalee	1130
Gannaalee	858

Lageen kennaman dheerina isaanitiin xiqqaatii gara guddaatti tartiibessuuf lama lamaan fudhanneetu waliin madaalla.

Takkazee < Gannaalee

Gannaalee < Waabii Shabalee

Waabii Shabalee < Hawaas

Hawaas < Abbaay

Kana jechuun **Takkazee < Gannaalee < Waabii Shabalee < Hawaas < Abbaay**

Kanaafuu lageen kana dheerina isaaniitiin xiqaarraa gara guddaatti yeroo tartiibessinu

Takkazee, Gannaalee, Waabii Shabalee, Hawaas, Abbaay ta'a.

Lakkoofsota hundaa xiqqaatii gara guddaatti ykn guddaatii gara xiqqaatti tartiibessuuf, lama lamaan walitti finnee madaaluu qabna.

Fakkeenya 1

a Xiqqaatii gara guddaatti tartiibessi.

2543, 1741, 546, 2581

$546 < 1,741 < 2,543 < 2,581$

Kanaafuu tartiibni isaanii 546, 1,741, 2,543, 2,581

b Guddaatii gara xiqqaatti tartiibessi.

544, 341, 7,954, 6,540

$7,954 > 6,544 > 6,540 > 3214$

Kanaafuu tartiibni isaanii 7,954, 6,544, 6,540, 341

Gilgaala - 18

Xiqqaatii gara guddaatti tartiibessi.

1 284, 36, 254, 844

2 894, 854, 84, 776, 770

3 644, 294, 576, 199, 648, 500

4 294, 765, 284, 755, 290

5 1,349, 1,905, 2,774, 1,309

6 3,544, 2,544, 3,634, 2009

Guddaatii gara xiqqaatti tartiibessi.**7** 180, 66, 254, 96**8** 560, 790, 684, 794**9** 350, 346, 634, 385, 945**10** 7,500, 3941, 6,344, 7,854**11** 2,009, 2,098, 2,980, 2,089**12** 6,541, 5,641, 4,651, 6,451, 5,146***Gabatee kenname hordofuun gaaffilee 1 – 7tti kennaman deebisi.***

Dheerina tulloota biyya keenya
keessa jiran meetiraan

Maqaa tulluu	Dheerina (meetiraan)
Gugee	4200
Tulluu Diimtuu	4377
Raasdaashnii	4620
Abuunee Yooseef	4191
Baatuu	4307
Guunaa	4231

- 1** Dheerina tulloota gabatee keessati kennaman guddaatii gara xiqqaatti tartiibessi.
- 2** Tulloota kennaman keessaa inni baay'ee ol dheeraan isa kami?
- 3** Dheerinaan 2^{ffaa} kan ta'e isa kami?
- 4** Dheerinaan inni baay'ee xiqqaan isa kami?
- 5** Tulluu Abuunee Yoseefii fi Baatuu keessaa kamtu caalaa dheeraadha?
- 6** Tulluu Gugeefi Guunaa keessaa kamtu irra gabaabaadha?
- 7** Tulluu Diimtuurra kan gabaabbatuu fi tulluu Gunaarraa immoo kan dheeratu isa kami?
- 8** Naannoo Oromiyaa Godina Arsii keessatti tulloota Cilaaloo fi Baddaa jedhamanitu argama. Cilaaloon meetira 4,154 Baddaan immoo meetira 4,139 dheeratu. Tulloota kana keessaa gabaabaan isa kami?

7,455	9,990	7,550	9	Lakkoofsota gabateerratti kennaman keessaa warra qalama diimaatiin barreeffaman fudhadhuutii xiqqaatii gara gudaatti tartiibessi.
	6,844			
5,844		5,291		
3,624		3,629	10	Lakkoofsota gabatee keessatti kennaman keessaa warra qalama guraachaan barreeffaman fudhaadhuutii guddaatii gara xiqqaatti tartiibessi.
7,502		6,809		

Fakkeenya 2

b'n lakkoofsa hundaa ta'ee, $817 < b < 821$ yoo jenne b n kan bakka bu'uu danada'u lakkoofsota hundaa 817fi 821 gidduutti argaman ta'a.

Kanafuu, $b = 818, 819, 820$

Gilgaala - 19

Lakkoofsota hundaa qubeen bakka bu'an barreessi.

1	$484 < a < 488$	2	$119 < a < 124$	3	$459 < b < 465$
4	$219 < b < 225$	5	$323 < c < 330$	6	$405 < c < 412$

Boqonnaa

2




SAFAROOTA

2.1 DHEERINA MILIIMEETRAAN (mm), SANTIMEETRAAN (cm) FI KILOOMEETRAAN (km) SAFARUU


2.1.1 Saantiimeetirii fi Miliimeetirii

Seentiimeetirii fi Miliimeetiriiin yuuniitoota dheerinaati.

- Seentiimeetirii fi (cm) Miliimeetiriiin (mm) dheerina gaggabaaboo safaruudhaaf gargaaru.



Dheerinni sarara halluu cuquliisaatiin kennemee cm 8 dha.



Safarri mismaara danaarratti kennamee mm 25 dha.

Seentiimeetiriin 1 = Miliimeetirii 10

1cm = 10 mm.

Gocha 1

Sarartootti gargaaramuun dheerina sararoota dhaabbatoo kennamanii Seentii meetiriin safari.

1 

2 

3 

Sarartootti gargaaramuudhaan dheerina sararoota dhaabbatoo kennamanii milii meetiriin safari.

4 

5 

6 

Gilgaala - 1

Sarartootti gargaaramuudhaan dheerina fakkiwwan kennamanii Seentiimeetiriin safari.

1 

2 

3 


4 

5 

6 

Sarartootti gargaaramuudhaan dheerina fakkiwwan kennamanii miliimeetiriin safari.

7



8



9



10



11



Bakka duwwaa guuti.

12

2cm = ____ mm

13

10 cm = ____ mm

14

40mm = ____ cm

15

70mm = ____ cm

Hojii garee

Cimdii cimdii ta'aatii dheerina quboota harka keessan isa bitaa safaraatii galmeessaa.


Quba xiqaa = ____ cm

Quba qubeelaa = ____ cm

Quba dheeraa = ____ cm


Quba agarsiiftuu = ____ cm

Quba abbudduu = ____ cm



2.1.2 Meetiraa fi Kiiloomeetira.

- Meetirii (m) fi Kiiloomeetiriin (Km) dheerina gurguddaa safaruudhaaf gargaaru.



Dheerinni dibaabee kanaa gara meetira 1 ta'a.

Daqiiqaa 10f miilaan yoo deemtan gara kiiloomeetira 1 ni deemu.

Meetirii 1 = Seentiimeetirii 100

Kiiloomeetiriin 1 = Meetirii 1000

1 m = 100 cm 1 km = 1000 m

Gocha 2

Kan armaan gadiitti kennaman safaruudhaaf meetirii moo kiiloomeetiriitti gargaaramuu qabna? Cimdii cimdii ta'uudhaan irratti mari'adhaatii deebii gaaffilee gara gadii barsiisaa kessanitti himaa.

- 1 Hojjaa keessan.
- 2 Dheerinaa fi dalgee dirree kubbaa miilaa.
- 3 Dheerina morma sattawwaa.
- 4 Fageenya Finfinnee hamma Dambidoolloo.
- 5 Dheerina harka keessanii.
- 6 Dheerina balbala kutaa keessanii.
- 7 Dheerina laga Abbayyaa

Bakka duwwaa kenname guutaa.

8 1m = ___ cm

9 3m = ___ cm

10 1km = ___ m

11 2km = ___ m

12 100cm = ___ m


13 400cm = ___ m

14 1000 m = ___ km

15 2000 m = ___ km

Gilgaala - 2

Dheerinoota sadan sadan keessaa isa dheerina fakkichaatti dhi'aatu filadhu.



a 2cm

a 30cm

a 4cm

b 2m

b 30 m

b 4m

c 2km

c 30km

c 4km

Dheerina wantoota kennamanii safaruudhaaf kan gargaaramnu Seentiimeetira, meetira yookiin Kiilloommeetira ta'uu ibsi.

4 Dheerina muka baargamoo.

5 Fageenya Finfinnee hamma magaala Jimmaa.

6 Dheerina kitaaba keetii.

7 Hojjaafi dagalee kutaa keessanii.

8 Fageenya konkoolaataan sa'aatii tokko keessatti deemu.

9 Dheerina gabatee boronqii kutaa keetii.

10 Dalge deeskii keetii.

11 Hojjaa adurree.

12 Fageenya fiigichaa maraatoonii.

13 Dheerina siree.

Bakka duwwaa kenname guutuun himicha dugoomsi.

14 $4\text{m} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ cm}$

15 $7\text{m} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ cm}$

16 $3\text{km} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m}$

17 $9 \text{ km} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m}$

18 $200\text{cm} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m}$

19 $600\text{cm} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m}$

20 $4000\text{m} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ km}$

21 $8000\text{m} = \underline{\hspace{1cm}} \text{ km}$

2.1.3 Safartoota dheerinaa walitti ida'uu fi wal irraa hir'isuu

Obbo Mirreessaan deeskii hojjechuuf saanqaa meetirii 2fi saantiimeetirii 30 dheeratutti gargaaraman. Obbo Mirreessan saanqaa saantiimeetira meeqa dheeratutti gargaaraman?

Shallagaa:

$$2\text{m fi } 30 \text{ cm} = 2\text{m} + 30\text{cm}$$



Dheerinoota yuunitoota adda addaatiin kennaman walitti ida'uufis ta'ee wal irraa hir'isuuf, yuunitoota safartoota isaanii gara akaakuu tokkootti jijjiiruu qabna.

Kanaafuu, 2m gara cmtti jijjiiruu qabna. Innis yeroo jijjiiramu $2\text{m} = 200\text{cm}$ ta'a. waan kana ta'eef, $2\text{m} + 30\text{cm} = 200\text{cm} + 30\text{cm} = 230\text{cm}$

Fakkeenya

1 $4\text{m} + 40\text{cm} = 400\text{cm} + 40\text{cm} = 440\text{cm}$

2 $5\text{m} - 50\text{cm} = 500\text{cm} - 50\text{cm} = 450\text{cm}$

Gocha 3

1 2m fi 60cm gara cm tti jijjiiri:

2 Ida'amni 3m fi 50cm meeqa ta'a?

- 3 8m irraa 90cm yoo hir'isne cm meeqatuu hafa?
- 4 $5m + 35cm = \underline{\hspace{2cm}}$ cm
- 5 Funyoo 1m dheeraturraa 300cm yoo kunne cm meeqatuu hafa?

Gilgaala - 3


Dheerinoota kanaa gadii gara cm tti jijjiiri.

- | | |
|--------------|--------------|
| 1 7m fi 80cm | 2 4m fi 27cm |
| 3 2m fi 68cm | 4 6m fi 35cm |

Pirobileemota jechaa armaan gadii furmaata itti kenni.

- 1 Atileetii Xurunash Dibaabaa Olompikii Beejingirratti fiigicha 10km fi 5kmitti injifachuudhaan madaaliyaa warqii 2 argamsiisuun seenaa dinqisiisaa galmeessiteetti.

Atileetiin kun walumatti fageenya km meeqa fiigde?



- 2 Awutoobisiin tokko karaa 85km fagaatu deemuuf ka'ee 45km erga deemee booda dhaabate. Bakka yaade ga'uuf km meeqatu isa hafe?

- 3 Goondaan dalga dheerinni isaanii wal qixa ta'e shan duuraa dubaan tarree galaanii deemu turan. Dalga dheerinni goondaa tokkoo 4cm yoo ta'e, kan hunda isaanii walitti meeqa ta'a?



- 4 Yabbinni kitaaba tokkoo 3cm dha. Kitaaboleen walfakkaatan 8 yoo walirra naqaman yabbinni isaanii walitti cm meeqa ta'a?

2.2 QABEE DHANGAL'OO MILIILITIRII FI LI- ITIRIN SAFARUU

Miliiliitirrii (m ℓ) fi liitiriin (ℓ) yuuniitoota qabee dhangala'oo ti.



Fallaanni shaayii kun 1m ℓ qabata.

Joogiin bishaanii kun liitirii 1 qabata

Hubadhu.

Miliiliitirri (m ℓ) dhangala'aa qabee xiqqaa ta'e safaruuf gargaara.

Liitirri (ℓ) dhangala'aa qabee guddaa ta'e safaruuf gargaara.

Liitirri 1 = miliiliitirii 1000

1 ℓ = 1000 m ℓ

Gocha 4

Qabee danaalee armaan gaditti kennaman safaruuf liitirii fi miliilitirii keessaa kamitti gargaaramna?

1		2		3	
4		5		6	



Bakka saanduqa duwwaatti lakkoofsa himicha dhugoomsuun guuti.

10 $1 \ell = \square \text{ m } \ell$

11 $2 \ell = \square \text{ m } \ell$

12 $1000\text{ml} = \square \ell$

13 $4000\text{m } \ell = \square \ell$

Gilgaala - 4

Qabee isa sirrii ta'etti dhi'aatu filadhu.




a $100\text{m } \ell$

b 100ℓ




a $60\text{m } \ell$

b 60ℓ




a $300\text{m } \ell$

b 300ℓ




a $500\text{m } \ell$

b 500ℓ



a $300\text{m } \ell$

b 300ℓ



a $80\text{m } \ell$

b 80ℓ

Qabeewwan kennaman safaruuf liitirii fi miliiliitirii keessaa kamiin akka gargaaram-nu filadhu.

7 fallaana

8 Siriinjii

9 gabatee bishaan itti kuufamu

10 Okkotee

11 Waancaa

12 Finjaala

Bakka duwwaa guuti

13 $2 \ell = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m } \ell$

14 $4 \ell = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m } \ell$

15 $8 \ell = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m } \ell$

16 $9 \ell = \underline{\hspace{1cm}} \text{ m } \ell$

17 $3000 \text{ m } \ell = \underline{\hspace{1cm}} \ell$

18 $6000 \text{ m } \ell = \underline{\hspace{1cm}} \ell$

19 $5000 \text{ m } \ell = \underline{\hspace{1cm}} \ell$

20 $7000 \text{ m } \ell = \underline{\hspace{1cm}} \ell$

2.3 GIRAAMII, KIILOOGIRAAMII FI KUNTAALAN

HANGA SAFARUU

Giraamiifi kiilooqiraamii

- ➔ Giraamii (g) fi kiilooqiraamiin (kg) yuuniitoota hangaa ti.



Marfeen kun hanga isaa giraamii 1 (1g) dha.

Hanga adurree xiqqoo kanaa 1kg dha.

Giraamiin hanga wantoota ulfinni isaanii xiqqaa ta'e safaruuf nu gargaara. Kiilooqiraamiin hanga wantoota ulfinni isaanii guddaa ta'e safaruuf nu gargaara.

$$\text{Kiilooqiraamiin } 1 = \text{giraamii } 1000$$


$$1 \text{ kg} = 1000 \text{ g}$$

Kuntaalii hanga wantoota ulfinni isaanii baay'ee guddaa ta'e safaruuf nu gargaara.

$$\text{Kuntaalli } 1 = \text{kiilooqiraamii } 100$$

Gocha 5

Hanga wantootaa kanaa gadiitti kennamanii safaruuf giraamii moo kiiloo giraamii gargaaramna? Isa kam akka ta'e ibsi.

1		2		3	
4		5		6	

Bakka duwwaa guuti.

6 $1\text{kg} = \underline{\hspace{1cm}} \text{g}$

7 $3\text{kg} = \underline{\hspace{1cm}} \text{g}$

8 $2000\text{g} = \underline{\hspace{1cm}} \text{kg}$

9 $5000\text{g} = \underline{\hspace{1cm}} \text{kg}$

10 Kuntaala 1 = $\underline{\hspace{1cm}}$ kg

11 Kuntaala 4 = $\underline{\hspace{1cm}}$ kg


11 $100\text{kg} = \underline{\hspace{1cm}}$ kuntaala

12 $600\text{kg} = \underline{\hspace{1cm}}$ kuntaala

Gilgaala - 5

Hanga isa sirrii ta'etti dhi'aatu filadhu

1




a 12g

b 12kg

c kuntaala 12

2




a 8g

b 8kg

c kuntaala 8


3



a 3g

b 3kg

c kuntaala 3



a 5g

b 5kg

c kuntaala 5

a 700g

b 700kg

c kuntaala 700

a 28g

b 28kg

c kuntaala 28

Hanga wantoota armaan gadditti kennamanii safaruuf giraamii, kiiloogiraamii fi kuntaala keessaa kamiin akka gargaaramuu qabnu ibsi.

7 Hanga jabbii tokkoo.

8 Hanga konkolaataa fe'isaa.

9 Hanga qubeessaa tokkoo.

10 Hanga deeskii daree keessanii.

11 Hanga ofii keetii.

12 Hanga midhaan qotee bulaan tokko waggaa keessatti oomiishuu.

Bakka duwwaa guuti.

13 2kg = _____ g

15 4000g = _____ kg

17 kuntaala 3 = _____ kg

19 500kg = _____ kuntaala

14 5kg = _____ g


16 8000g = _____ kg

18 Kuntaala 9 = _____ kg

20 700kg = _____ kuntaala

Boqonnaa


3




SEENSA

FIRAAKSHINOOTAA

3.1 KEESSA DEEBII FIRAAKSHINOOTAA





$\frac{1}{3} \rightarrow$ kan halluu dibame
 $\frac{3}{3} \rightarrow$ Guutuun isaa bakka meeqatti qoodame?




$\frac{2}{3} \rightarrow$ kan halluu dibame
 $\frac{3}{3} \rightarrow$ Guutuun isaa bakka meeqatti qoodame?


Gocha 1

Firaakshinoota kutaa dibame ibsan barreessi.






Firaakshinoota kennaman danaa isaanii irratti halluu dibuudhaan agarsiisi.



3.2 FIRAAKSHINOOTA TOKKEE $\frac{1}{2}$ HAMMA $\frac{1}{10}$ TTI JIRAN

3.2.1 Firaakshinoota tokkee adda baafachu

Danaa kenname ilaali.



Danaan kun bakka walqixa ta'e 4tti qoodameera.

Arfan keessaa tokko qofatu halluu dibame.

Kunis yeroo firaakshiniidhaan ibsamu $\frac{1}{4}$ ta'a.


Yeroo dubbifamus tokko araffaa jedhama.

Gocha 2

Barataan tokko burtukaana tokko bakka walqixa ta'e sadiitti qoodde tokko keessaa hiriyyaa isaatiif kenne. Barataan kun harka meeqa hiriyyaa isaatiif akka kenne barsiisaa keetti himi.

Gilgaala - 1

Firaakshinoota kutaalee dibamanii barreessi



Firaakshinoota kennaman kana jechaan barreessi

7

$\frac{1}{5}$

8

$\frac{1}{4}$

9


$\frac{1}{8}$

10

$\frac{1}{10}$

Gocha 3

1 *Danaalee kennaman irratti firaakshinoota kutaalee bakka bu'uu danda'an barreessi.*



3.2.2 Waamamaa fi waamsisaa firaakshinii

Hubadhu

$\frac{1}{3}$ → Waamamaa jedhama

$\frac{3}{3}$ → Immoo waamsisaa jedhama

Gilgaala - 2

Waamamaa fi waamsisaa tokkoo tokkoo firaakshinoota kennamanii ibsi.

1 $\frac{1}{7}$ 2 $\frac{1}{8}$ 3 $\frac{1}{4}$ 4 $\frac{2}{3}$ 5 $\frac{1}{5}$ 6 $\frac{1}{10}$

Waamamootaa fi waamsisoota kennaman firaakshiniin barreessi.

7	waamamaa → 2	waamsisaa → 3	firaakshinii	
8	waamamaa → 1	waamsisaa → 8	firaakshinii	
9	waamamaa → 1	waamsisaa → 9	firaakshinii	


3.3 WALAKKOOTAA FI KURMAANOTA

LAKKOOF SOTA HUNDA

A Walakkaa


Lakkoofsi guutuun tokko bakka walqixa ta'e lamatti yommuu qoodamu ga'een argamu walakkaa jedhama.

Fakkeenya 1



$$6 \div 2 = 3$$

Kanaafuu, 3 walakkaa 6ti




$$16 \div 2 = 8$$

Kanaafuu, 8 walakkaa 16 ti

B kurmaana

Lakkoofsi hundaa guutuun bakka walqixa ta'e afuritti yoo qoodame, ga'een argamu kurmaana jedhama.

Fakkeenya 2



$$12 \div 4 = 3$$

Kanaafuu, 3 kurmaana 12 ti

Gilgaala - 3

1 Walakkaa lakkoofsota kennamanii barbaadi.

- | | | |
|------|------|------|
| a 2 | b 4 | c 12 |
| d 20 | e 46 | f 50 |

2 Kurmaana tokko tokkoo lakkoofsota kennamanii barbaadi.

- | | | |
|------|------|------|
| a 4 | b 8 | c 16 |
| d 12 | e 20 | f 40 |


Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 3 Karamellaa kudhan qaba. Walakkaa isaa obboleessa kootiif yoon keenne, karamellaa meeqan kenneef?
- 4 Guuboo tokko keessa buphaa 24tu jira. Kurmaanni isaa yoo gurgurame, buphaa meeqatu hafa?
- 5 Obbo Gurmuun hoolota 80 qabu. Walakkaa isaanii yoo gurguran hoolota meeqaatu hafaaf?
- 6 Walakkaan 30 meeqa?
- 7 Kurmaanni 100 meeqa?


3.4 FIRAASHINOOTAA SASSALPHOO WALIIN MADAALUU

Gocha daree

- 1 Hundarraan burtukaana tokko bakka walqixa ta'e lamatti qoodee gartokkee hiriyyaa isaaf kenne. Abdiinimmoo burtukaana tokko bakka sadiitti qoodee harka tokko hiriyyaa isaaf kenne. Lamaan isaanii keessaa eenyutu burtukaana baayyee hiriyyaa isaaf kenne?



$$\frac{1}{2}$$



$$\frac{1}{3}$$

- 2 Istriippii (Strip) firaakshinootaa dheerinni isaanii walqixa ta'etti gargaaramuudhaan halluu dibaati firaakshinoota $\frac{1}{2}$ hamma $\frac{1}{10}$ jiran agarsiisaa. Firaakshinoota argattan xiqqaa gara guddaatti tartiibessaa.

Hubadhu!

Firaakshinii tokkee hunda keessatti inni waamsisaan isaa xiqqaa ta'e isa waamsisaan isaa guddaa ta'e irra ni caala.

Fakkeenya

$$\frac{1}{4} < \frac{1}{2}$$

Gilgaala - 4

Mallatto "<" yookiin ">"tti gargaaramuun firaakshinoota kennaman waliin madaali.

1 $\frac{1}{4} \text{ — } \frac{1}{3}$ 2 $\frac{1}{2} \text{ — } \frac{1}{8}$ 3 $\frac{1}{8} \text{ — } \frac{1}{6}$ 4 $\frac{1}{10} \text{ — } \frac{1}{7}$ 5 $\frac{1}{3} \text{ — } \frac{1}{9}$ 6 $\frac{1}{5} \text{ — } \frac{1}{4}$

Boqonnaa

4

99 115 10,000
1375 609 1,250 + 715 = 257
1,250 - 715 = 535 1,032 999

LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTI IDA'UU FI HIR'ISUU

4.1 LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTI IDA'UU

4.1.1 Hiramoota 100 ida'uu

Barattoonni mana barumsa tokko keessa jiran waggaa jalqabaatti biqiltoota 200, waggaa isaa itti aanutti biqiltoota 300 yoo dhaaban waggaa lamaan keessatti biqiltoota meeqaa dhaaban?

Shallagi: $200 + 300 = ?$

$$\begin{aligned} 200 + 300 &= \text{Dhibboota } 2 + \text{Dhibboota } 3 \\ &= \text{Dhibboota } 5 = \mathbf{500} \end{aligned}$$

Kanaafuu, barattoonni kun waggaa lamaan keessatti biqiltoota 500 dhaaban.



Fakkeenya

$$\begin{array}{rcll} 1 & 3000 + 1000 = \text{Dhibboota } 30 + \text{Dhibboota } 10 & \text{YKN} & \mathbf{3000} \\ & = \text{Dhibboota } 40 & & + \mathbf{1000} \\ & = \mathbf{4000} & & \underline{\mathbf{4000}} \end{array}$$

BOQONNAA 4 - LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTI IDA'UU FI HIR'ISUU

$$\begin{array}{rcl}
 2 \quad 6000 + 200 & = & \text{Dhibboota } 60 + \text{Dhibboota } 2 \text{ YKN} \quad \mathbf{6000} \\
 & = & \text{Dhibboota } 62 \quad \quad \quad + \mathbf{200} \\
 & = & \mathbf{6200} \quad \quad \quad \underline{\mathbf{6200}}
 \end{array}$$

Gocha 1

Saanduqa duwwaa guuti. Tokkoffaan siif hojjetameera.

- | | |
|--|--|
| 1 2000 = Dhibboota 20 | 2 3000 = Dhibboota ☐ |
| 3 7000 = Dhibboota ☐ | 4 1200 = Dhibboota ☐ |
| 5 3700 = Dhibboota ☐ | 6 8400 = Dhibboota ☐ |

Qomaan Ida'i

- | | | |
|------------------|-----------------|------------------|
| 1 100 + 400 | 2 600 + 300 | 3 2000 + 3000 |
| 4 4000 + 5000 | 5 2000 + 200 | 6 3000 + 400 |
| 7 3200 + 400 | 8 5600 + 400 | 9 3400 + 800 |

Gilgaala - 1

Ida'i

- | | | | |
|------------------|------------------|------------------|------------------|
| 1 400 + 300 | 2 700 + 200 | 3 300 + 300 | 4 900 + 100 |
| 5 7000 + 2000 | 6 6000 + 1000 | 7 8000 + 1500 | 8 4200 + 4000 |
| 9 1100 + 700 | 10 3500 + 500 | 11 300 + 3000 | 12 900 + 3100 |
| 13 400 | 14 7000 | 15 600 | 16 1300 |
| + 500 | + 200 | + 3200 | + 1600 |

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 17 Hammamtaan korma handaaqqoo tokkoo 2000g. Kan korma handaaqqoo biraammoo 1000g. Hammamtaan korma handaaqqota lamaanii walumatti meeqa ta'a?



- 18** Sangaan tokko qarshii 5000'n bitame. Akkasumas hoolaan tokko qarshii 300'n bitame. Sangaa fi hoolaan walumatti qarshii meeqaan bitaman?
- 19** Gabateewwan kennaman dabtara keerratti garagalchiitii bakka duwwaa guuti.

a	
Qajeelfama:	
300 itti ida'i	
400	
600	
3400	
1700	
5000	

b	
Qajeelfama:	
2000 itti ida'i	
400	
2000	
3100	
7000	
2700	

c		
a	b	a + b
300	500	
1200	900	
4000	1300	
3500	2500	
6000	3300	

4.1.2 Lakkoofsota Hundaa kan Dijitii sa-dii Ida'uu

Obbo Dhaabaan ijoollee isaanii lamaaf qarshii 423'n yunifoormii mana barumsaa, qarshii 423'n immoo kitaaba bitaniif. Obbo Dhaabaan walumatti qarshii meeqa baasan?

Shallagi:

$$423 + 142 = ?$$

Jalqaba tokkeewwan ida'i	Itti aansuun kurnoota ida'i	Dhuma irratti dhibboota ida'i
$3 + 2 = 5$	$2 + 4 = 6$	$4 + 1 = 5$
423	423	423
+ 142	+ 142	+ 142
5	65	565

Hiriyyaan obbo Dhaabaa obbo Hasan immoo ijoollee isaanii sadiif qarshii 617'n uffata yunifoormii mana barumsaa, qarshii 175 n immoo kitaaba bitaniif. Obbo Hasan walumatti qarshii meeqa baasan?

Shallagi:

$$617 + 175 = ?$$

BOQONNAA 4 - LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTI IDA'UU FI HIR'ISUU

Jalqaba tokkee ida'i $7 + 5 = 12 =$ kurna 1 + tokkeewwan 2 kanaafuu 2 barreeffannee kurna hambifanna	Itti aansuun kurnootaa fi hambifannaa ida'i $1 + 1 + 7 = 9$	Dhuma irratti dhibboota ida'a: $6 + 1 = 7$
1 617 $+ 175$ 2	1 617 $+ 175$ 92	1 617 $+ 175$ 792

Kanaafuu, obbo Dhaabaan qarshii 565 yommuu baasan obbo Hasan immoo qarshii 792 baasan.

Gocha 2

Kanneen armaan gadii cimdii cimdii ta'uudhaan shallagaa

1 $0 + 9$	2 $12 + 0$	3 $0 + 25$	4 $119 + 0$	
5 30 $+ 40$	6 25 $+ 3$	7 32 $+ 18$	8 46 $+ 38$	9 59 $+ 64$

Gilgaala - 2

Ida'i

1 141 $+ 35$	2 332 $+ 36$	3 429 $+ 41$	4 833 $+ 86$	5 919 $+ 90$
6 200 $+ 22$	7 410 $+ 70$	8 300 $+ 79$	9 800 $+ 70$	10 45 $+ 14$
11 181 $+ 617$	12 303 $+ 516$	13 250 $+ 738$	14 670 $+ 829$	15 810 $+ 175$
16 638 $+ 139$	17 258 $+ 402$	18 690 $+ 457$	19 564 $+ 285$	20 893 $+ 708$

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 21** Gaaf tokko bakka buufata otobusii Finfinneetii namoonni 168 gara magaalaa Naqamtee, namoonni 250 immoo gara magaalaa Caancootti deemaniiru. Walumatti namoota meeqatu guyyaa sana gara magaaloota lamaanii deeme?
- 22** Hospiitaala tokko keessa siree 432tu jira. Sireen kan biraa 108 dabalamanii yoo bitaman, walumatti hospiitaalicha keessa siree meeqatu jira?
- 23** ***Qajeelfama kenname hordofuudhaan gabatee armaan gadii guti.***

a	
Qajeelfama:	
321 itti Ida'i	
28	
200	
719	
321	
794	

b	
Qajeelfama:	
539 itti Ida'i	
40	
51	
700	
226	
590	

c		
a	b	a + b
315	600	
356	43	
109	509	
318	77	
258	751	

4.1.3 Lakkoofsota Hundaa kan Dijitii Afurii

Ida'uu

Waldaan misoomaa tokko magaalaa Finfinneetii miseensota 3924, akkasumas magaalaa Adaamaatii miseensota 1363 qaba. Waldaan kun walumatti magaalaa lamaan keessaa miseensota meeqa qaba?

Shallagi: $3924 + 1363 = ?$

Jalqaba tokkeewwan ida'i. $4 + 3 = 7$	Itti aansuun kurnoota ida'i $2 + 6 = 8$	Itti aansuun dhibboota ida'i $9 + 3 = 12 = \text{kuma } 1 + \text{Dhibboota } 2$ Kanaafu 2 barreffanee kuma 1 hambifanna:	Dhumarratti kumootaa fi hambifannaa waliti Ida'i
$\begin{array}{r} 3924 \\ + 1363 \\ \hline 7 \end{array}$	$\begin{array}{r} 3924 \\ + 1363 \\ \hline 87 \end{array}$	$\begin{array}{r} 1 \\ 3924 \\ + 1363 \\ \hline 287 \end{array}$	$\begin{array}{r} 1 \\ 3924 \\ + 1363 \\ \hline 5287 \end{array}$

Kanaafuu, miseensonni waldichaa magaaloota lamaan keessatti argaman 5287 ta'u.

Gocha 3

Cimdii cimdii ta'aatii mari'achaa hojjedhaa

- 1 $4234 + 842$ 2 $3000 + 856$ 3 $5476 + 3214$
 4 $6345 + 2,083$ 5 $3738 + 4461$ 6 $7655 + 1642$
 7 2 kg fi 455 g walitti giraamii meeqa ta'u?

Gilgaala - 3

Ida'i.

- 1 $\begin{array}{r} 3,247 \\ + 121 \\ \hline \end{array}$ 2 $\begin{array}{r} 6,374 \\ + 208 \\ \hline \end{array}$ 3 $\begin{array}{r} 8019 \\ + 275 \\ \hline \end{array}$ 4 $\begin{array}{r} 252 \\ + 4,624 \\ \hline \end{array}$
 5 $\begin{array}{r} 349 \\ + 6470 \\ \hline \end{array}$ 6 $\begin{array}{r} 4765 \\ + 1224 \\ \hline \end{array}$ 7 $\begin{array}{r} 3844 \\ + 5171 \\ \hline \end{array}$ 8 $\begin{array}{r} 3005 \\ + 4689 \\ \hline \end{array}$
 9 $\begin{array}{r} 2084 \\ + 4663 \\ \hline \end{array}$ 10 $\begin{array}{r} 7321 \\ + 1967 \\ \hline \end{array}$ 11 $\begin{array}{r} 5687 \\ + 1810 \\ \hline \end{array}$ 12 $\begin{array}{r} 5003 \\ + 4407 \\ \hline \end{array}$

Pirobileeemota jechaa armaan gadii furi

- 13 Baaldiin tokko bishaan 3 ℓ fi 650ml qabata. Baaldiin kun bishaan ml meeqa qabata?
 14 Waggaa tokko kessatti barattoota 7654 fi namoota biraa 2083 tu muuziyeemii/godambaa saayinsii fi Teekinoolojii doo'ata. walumaa galatti namoota meeqatu waggaa keessatti muuziyeemii kana doo'ata?
 15 *Qajeelfama kenname hordofuudhaan gabatee armaan gadii guti*

a	
Qajeelfama:	
3000 itti ida'i	
500	
3000	
1234	
6895	
6005	

b	
Qajeelfama:	
2835 itti ida'i	
57	
133	
2047	
3164	
5201	

c		
a	b	a + b
627	5421	
4043	304	
3576	4233	
7544	1531	
7655	1700	

4.1.4 Lakkoofsota mana lakkoofsota adda addaa keessa jiran ida'uu

Dhaabbanni karaa hojjetu tokko waggaa keessatti karaa asfaaltii 1357km fi karaa cirrachaa 546km hojjete. Dhaabbatni kun waggaa keessatti karaa km meeqa dheeratu hojjete?



Shallagi:

$$1357 + 546 = ?$$

Dura mana tokkeewwam ida'i.	Itti aansuudhaan kurnoota ida'i	Itti aansuudhaan dhibboota ida'i	Dhummaratti kumoota ida'i
$7 + 6 = 13 = \text{kurna } 1 + \text{tokkee } 3$ kanaafuu, 3 barreeffannee 1hambifanna	$1 + 5 + 4 = \text{kurnoota } 10 = \text{dbibba } 1$ Kanaafuu, 0 barreeffannee dhibba 1 hambifanna	$1 + 3 + 5 = 9$	
1 1357 $+ \text{546}$ 3	1 1 1357 $+ \text{546}$ 03	1 1 1357 $+ \text{546}$ 903	1 1 1357 $+ \text{546}$ 1903

Kanaafuu, dhaabni kun waggaa keessatti karaan inni hojjete walumatti 1903km dha.

Gocha 4

Ida'i

1 1783 + 128	2 8641 + 269	3 6444 + 578	4 1868 + 671
5 3009 + 3991	6 8888 + 12	7 6285 + 1994	8 4608 + 4608

Gilgaala - 4**Ida'i**

1	236 <u>+578</u>	2	5355 <u>+ 256</u>	3	3079 <u>+ 44</u>	4	351 <u>+ 99</u>
5	2011 <u>+ 994</u>	6	1536 <u>+ 664</u>	7	3761 <u>+ 546</u>	8	628 <u>+ 994</u>
9	5995 <u>+ 9</u>	10	1919 <u>+ 191</u>	11	4567 <u>+1678</u>	12	3643 <u>+4527</u>
13	6320 <u>+1780</u>	14	5886 <u>+ 3407</u>	15	2643 <u>+ 4388</u>	16	7069 <u>+1947</u>

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi

- 17** Mana barumsaa tokko keessa barattoota dubaraa 2057 tu jira. Baay'inni barattoota dhiiraa kan dubaraarra yoo 273'n caale, baay'inni barattoota dhiiraa meeqa?
- 18** Magaalaa tokko keessatti bara 2001 A.L.H. daandii 3677 m tu cirrachaan afame. Bara 2002 A.L.H. immoo 5843 m tu afame. Waggaa lamaan kanatti daandii dheerinni hammam ta'etu cirrachaan afame?
- 19** ***Qajeelfama kenname hordofuudhaan gabatee armaan gadii guutaa.***

a	
Qajeelfama:	
334 itti ida'i	
279	
1300	
4366	
5991	
2779	

b	
Qajeelfama:	
1594 itti ida'i	
203	
2470	
1101	
7538	
1599	

c		
a	b	a + b
279	203	
1300	2470	
4366	1101	
5991	538	
2779	1599	

4.1.5 Tooftaa diddiriirsanii (balballoomsanii) Ida'uu

Tooftaa kanatti gargaaramuun lakkoofsota hundaa yommuu idaanu mana lakkoofsaa isa guddaarraa jalqabnee gara isa mana xiqqaatti, mana mana isaatiin ida'aa deemna. Kana booda ida'ama qoqqoodaman walitti ida'uudhaan ida'ma lakkoofsota kennamanii arganna.

Fakkeenya:

Mana barumsaa tokko keessatti barattoota dhiiraa 412 fi dubara 397 tu argama. Walumatti barattoota meeqa tu mana barumsaa kanatti barata?

Shallaga:

$$412 + 397 = ?$$

			Dhibbota	Kurnoota	Tokkee
			4	1	2
		+	3	9	7
Dhibboota ida'i	400 + 300	→	7	0	0
Kurnoota ida'i	10 + 90	→	1	0	0
Tokkee ida'i	2 + 7	→			9
Ida'ama qoqqoodaman ida'i	700 + 100 + 9	→	8	0	9

Kanaafuu $412 + 397 = 809$

Barattoonni mana barumsaa kanatti baratan walumatti 809 ta'u.

Gocha 5

a Lakkoofsota kennaman gatii mana isaaniitiin diddiriirsi/balballoomsa.

1	35	2	231	3	30712
4	2735	5	4056	6	4527

b Tooftaa diddiriirsanii ida'uutti gargaaramuun ida'i.

1	416	2	255	3	4231	4	2558
	+ 22		+541		+5621		+5493

Gilgaala - 5

1	341 + 78	2	227 + 56	3	3014 + 40	4	4367 + 111
5	3216 + 4201	6	4444 + 3236	7	5003 + 1079	8	5468 + 3655


Kanaan gaditti kan ibsame tooftaa gabatee ida'u sirriiti qayyaabbadhu.



Fakkeenya


$$142 + 35$$

$142 + 35 = 177$. Tooftaa gabatee kanaan yommuu idaanu, akka armaan gadii ta'a.



Hojii Garee

Tooftaa gabateerratti ida'utti gargaaramuun bakka duwwaa guutaa.



4.2 HIR'ISUU LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTII

4.2.1 Lakkoofsota Hundaa kan Dijiitii Sadii Hir'isuu

Mana kitaabaa mana barumsaa tokko keessa kitaabolee 726tu argama. Kitaabolee kana keessaa 513 moofaadha. Mana kitaabaa kana keessa kitaabolee haaraa meeqatu jira?

Baay'ina kitaabolee haaraa argachuuf ni hir'ifna.

Shallagi: $726 - 513 = ?$

Jalqaba tokkeewwan walirraa hir'ifna $6 - 3 = 3$	Itti aansinee kurnoota walirraa hir'ifna $2 - 1 = 1$	Dhumarratti dhibboota walirraa hir'ifna $7 - 5 = 2$	Deebii kee ida'uudhaan mirkaneessi
726 <u>- 513</u> 3	726 <u>- 513</u> 13	726 <u>- 513</u> 213	213 <u>+ 513</u> 726

Kanaafuu, mana kitaabaa kana keessatti kitaabolee haaraa 213tu argama.

Gocha 6

Hir'isiitii deebii kee ida'uudhaan mirkaneeffadhu.

1 368 <u>-132</u>	2 560 <u>-140</u>	3 641 <u>- 21</u>	4 678 <u>- 46</u>	5 919 <u>- 6</u>
6 665 <u>-234</u>	7 659 <u>-320</u>	8 753 <u>- 52</u>	9 878 <u>- 45</u>	10 855 <u>- 5</u>

Gilgaala - 6

Hir'isiitii deebii kee ida'uudhaan mirkaneeffadhu.

1 127 <u>-105</u>	2 468 <u>- 36</u>	3 784 <u>-252</u>	4 674 <u>-123</u>	5 949 <u>-946</u>
-----------------------------	-----------------------------	-----------------------------	-----------------------------	-----------------------------

BOQONNAA 4 - LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTI IDA'UU FI HIR'ISUU

6	535 -202	7	638 -400	8	684 -23	9	456 -40	10	584 -374
11	462 -61	12	973 -403	13	567 -35	14	199 -29	15	998 -394
16	650 -300	17	118 -6	18	857 -457	19	787 -767	20	399 -208

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi

- 21** Jiraattota ganda tokko keessa jiran 967 keessaa daa'imman 241 yoo ta'an kan daa'ima hin ta'iin meeqa ta'u?
- 22** lakkoofsi hundaa 45 n lakkoofsa 386 gadi ta'e meeqa?

Qajeelfama kenname hordofuudhaan gabatee armaan gadii guti.

23	
Qajeelfama: 120 irraa hir'isi	
471	
355	
121	
879	
936	

24	
Qajeelfama: 200 irraa hir'isi	
445	
315	
677	
708	
555	

25		
a	b	a - b
765	300	
308	208	
548	37	
890	340	
955	632	

4.2.2 Lakkoofsota dijjitii sadii liqeeffannaan hiri'saa

Giddu galeessa hormaata handaaqqoo tokko keessatti buuphaa 657 yaasisuuf karoorfamee buuphaan 429 qofti yaasifame. Karoorfamee kan hin raawwatiin hammami?

Shallagi:

$$657 - 429 = ?$$

7 irraa 9 hir'isuun hin danda'amu. Kanaafuu, kurnoota 5 irraa kurna 1 liqeeffanna: $10 + 7 = \text{tokkee } 17$ Tokkee hir'is:	kurnoota hir'isi	Dhibboota hir'isi	Deebii kee ida'uudhaan mirkaneefadhu
$\begin{array}{r} 17 \\ 657 \\ - 429 \\ \hline 8 \\ 17 - 9 = 8 \end{array}$	$\begin{array}{r} 4 \ 17 \\ 6 \ 57 \\ - 429 \\ \hline 28 \\ 4 - 2 = 2 \end{array}$	$\begin{array}{r} 4 \ 17 \\ 657 \\ - 429 \\ \hline 228 \\ 6 - 4 = 2 \end{array}$	$\begin{array}{r} 228 \\ + 429 \\ \hline 657 \end{array}$

Kanaafuu karoorfame kan hin rawwatiin hafe 228.

Gocha 7

Hir'isi: Deebii kee ida'uudhaan mirkanneeffadhu.

1 251 - 25	2 520 - 306	3 382 - 364	4 474 - 28	5 794 - 255
6 438 - 272	7 846 - 263	8 659 - 281	9 200 - 70	10 462 - 171

Gilgaala - 7

Hir'isii: deebiin argatte sirrii ta'uu ida'uudhaan mirkaneessi.

1 364 - 254	2 647 - 139	3 254 - 36	4 740 - 221	5 598 - 69
6 746 - 665	7 609 - 87	8 500 - 50	9 684 - 92	10 347 - 177
11 653 - 271	12 513 - 22	13 942 - 489	14 215 - 107	15 424 - 284
16 558 - 177	17 747 - 264	18 617 - 347	19 369 - 186	20 839 - 446

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 21** Jaalalleen elellaa 562 walitti qabatte. Achi keessaa kan halluun isaanii diimaa 128 yoo ta'e kan halluun isaanii diimaa hin ta'in meeqa?

22 Manni daabboo tokko gaaf tokko ganama daabboo 384 gurguruuf qopheessee 290 qofa gurgure. Daaboon hin gurguramiin meeqa?

Qajeelfama kenname hordofuudhaan gabatee armaan gadii guti.

23	
Qajeelfama 357 irraa hirisi	
370	
604	
591	
648	
862	

24		
a	b	a - b
240	27	
300	130	
657	409	
878	9	
792	448	

4.2.3 Hir'isuu si'a lama liqeeffannaa of keessaa qabu

Mana barumsaa sadarkaa 1^{ffaa} tokko keessa barattoota 735 tu jira. Mana barumsaa kana keessa dubara 389tu jira yoo ta'e, barattonni dhiiraa meeqa ta'u?

Shallaga: $735 - 389 = ?$

5rraa 9 hir'isuun hin danda'amu. kanaafuu, kurnoota 3rraa kurna 1 liqeeffana. $10 + 5 =$ tokkee 15 Tokkee hir'isi	2rraa 8 hir'isuun hin danda'amu dhibboota 7rraa dhibba 1 (kurnoota 10) liqeeffanna $10 + 2 =$ kurnoota 12 Kurnoota hir'isi	dhibboota hir'isi.	Deebii kee ida'uudhaan mirkaneefadhu
$\begin{array}{r} 2 \text{ } 15 \\ 735 \\ - 389 \\ \hline 6 \\ 15 - 9 = 6 \end{array}$	$\begin{array}{r} 6 \text{ } 12 \\ 2 \text{ } 15 \\ 735 \\ - 389 \\ \hline 46 \\ 12 - 8 = 4 \end{array}$	$\begin{array}{r} 6 \text{ } 12 \\ 2 \text{ } 15 \\ 735 \\ - 389 \\ \hline 346 \\ 6 - 3 = 3 \end{array}$	$\begin{array}{r} 346 \\ + 389 \\ \hline 735 \end{array}$

Kanaafuu barattoota dhiiraa 346 ta'u.

Gocha 8

Hir'isi: Deebii kee ida'udhaan mirkaneeffadhu.

1 780 -480	2 753 -486	3 341 -166	4 627 -288	5 875 -88
6 300 -142	7 563 -387	8 436 -68	9 420 -178	10 860 -480

Gilgaala - 8

Hir'isi: Deebiin kee sirrii ta'uus ida'uudhaan mirkanneessi.

1 700 -345	2 522 -83	3 314 -255	4 875 -677	5 900 -854
6 470 -398	7 405 -157	8 200 -45	9 101 -27	10 386 -297
11 718 -369	12 642 -371	13 780 -499	14 889 -729	15 673 -283
16 325 -239	17 632 -434	18 424 -258	19 581 -246	20 890 -690

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 21** Ganda tokko keessatti barkumee ilaalchisee biqiltoota 954 dhaabaman keessaa 875tu qabate. Biqiltoota bara kana dhaabaman keessa kan hin qabatiin hafe meeqa?
- 22** Gatiin huccuu qarshii 220tti gurguramaa ture tokkorraa qarshiin 50 yoo hir'ate meeqatti gurgurama?

Qajeelfama kenname hordofuudhaan gabatee armaan gadii guti

23	
Qajeelfama: 135 irraa hir'isi	
625	
400	
911	
456	
812	

24		
a	b	a - b
422	188	
100	22	
640	378	
203	51	
781	384	

4.2.4 Lakkoofsota hundaa abbaa dijiitii afurii liqeeffannaan hir'isuu

Dhaabbanni oomiisha abaaboo tokko ji'a Fulbaana keessa abaaboo hidhaa 5680, ji'a Onkololeessaa keessamoo hidhaa 7940 gara biyya alaatti erge. Abaaboon dhaabbanni kun ji'a Onkololeessaa keessa erge meeqaan isa ji'a Fulbaanaa keessa erge caala?

Shallgi: $7940 - 5680 = ?$

Tokkee hir'isi	4rraa 8 hir'isuun hin danda'amu. Kanaafuu, dhibboota 9rraa dhibba tokko (kurnoota 10) liqeeffanna: $10 + 4 =$ kurnoota 14 Kurnoota hir'isi.	Dhibboota hir'isi.	Kumoota hir'isi.	Deebii kee ida'uudhaan mirkaneefadhu
$\begin{array}{r} 7940 \\ -5680 \\ \hline 0 \\ 0 - 0 = 0 \end{array}$	$\begin{array}{r} 8 \text{ } 14 \\ 7940 \\ -5680 \\ \hline 60 \\ 14 - 8 = 6 \end{array}$	$\begin{array}{r} 8 \text{ } 14 \\ 7940 \\ -5680 \\ \hline 260 \\ 8 - 6 = 2 \end{array}$	$\begin{array}{r} 8 \text{ } 14 \\ 7940 \\ -5680 \\ \hline 2260 \\ 7 - 5 = 2 \end{array}$	$\begin{array}{r} 2260 \\ +5680 \\ \hline 7940 \end{array}$

Kanaafuu, abaaboon inni ji'a Onkololeessaa keessa ergame, isa ji'a Fulbaanaa keessa ergamee hidhaa 2260n caala.

Gocha 9

Hir'isi: Deebiin kee sirrii ta'uu ida'udhaan mirkanneeffadhu.

1	7438 -1216	2	2649 -325	3	6426 -118	4	5542 -3218	5	6473 -1236
6	8435 -3237	7	6349 -5122	8	5377 -3359	9	2468 -136	10	7083 -2047

Gilgaala - 9

Hir'isi: Deebiin kee sirrii ta'uu ida'udhaan mirkaneessi.

1	3960 -2130	2	5287 -1084	3	3671 -458	4	6809 -4500	5	6822 -401
6	3636 -1427	7	5265 -173	8	3607 -269	9	4512 -2271	10	8906 -4399
11	4800 -128	12	5628 -2650	13	7682 -990	14	2185 -1094	15	3000 -341
16	3841 -1960	17	7682 -2990	18	6246 -5900	19	9483 -6790	20	8648 -5809

Piroleemota jechaa armaan gadii furi.

- 21** Guyyaa ayyaanaa Fannoo Diimaarratti tikkeetiin ittiin galii argamsiisuuf qophaa'e 5,672 keessaa 3,000 tu gurgurame. Tikkeetiin hin gurguramiin hafe meeqa?
- 22** Doo'ii kilabiin farra eedsii mana barumsaa tokko qopheesserratti namoota argaman 5763 keessaa 3,000 dhiira. Dubartoonni qophii kanarratti argaman meeqa?

Qajeelfama kenname hordofuudhaan gabatee armaan gadii guuti.


23	
Qajeelfama: 1357 irraa hir'isi	
3489	
4264	
5000	
6708	
3007	

24		
a	b	a - b
3000	119	
2502	1557	
6073	964	
6008	2999	
8793	2685	

4.3 PIROOBILEEMOTA JECHAA IDA'UU FI HIR'ISUU OF KEESSAA QABAN

Fakkeenya 1

Manni barumsaa tokko waggaa jalqabaa deeskii 536 bite. Waggaa itti aanuttimmoo 287 bite. Waggaa lamaan keessatti manni barumsaa kun deeskii meeqa bite?



Furmaata

- Kan gaafatame: Manni burumsichaa waggaa lamaan keessa deeskoota meeqa akka bite;
- kan kenname: manni barumsichaa waggaa jalqaba deeskota 536, waggaa lammaffaa deeskoota 287 bituu isaa;
- Kan barbaadame: manni barumsichaa waggaa lamaan keessatti deeskoota meeqa akka bitedha.

Waggaa lamaan keessatti deeskoonni meeqa akka bitaman argachuuf deeskoota bitaman walitti idaana.

kanaafuu, $536 + 287 = 823$

Deeskonni manni barumsaa kun waggaa lamaan keessatti bite 823dha.

Hubadhu!

Akka fakkeenya armaan olii keessatti agarsiifametti yeroo pirobileemota jechaa furuu tarkaanfilee kanaan gaditti kennaman hordofuun gaarii dha.

Tarkaanfii pirobileemota jechaa furfuuf nu gargaaran:

- Tarkaanfii 1:** Gaaffii kenname dubbisanii waan gaafatame adda baafachuu
- Tarkaanfii 2:** Waan kenname adda baafatanii beekuu
- Tarkaanfii 3:** Waan barbaadamu sirriitti adda baafachuu
- Tarkaanfii 4:** Waan barbaadamu argachuuf karaa ittiin shallagan filachuu
- Tarkaanfii 5:** Tooftaa shallaguu filatameen hojjetanii deebii sirrii argachuu

Fakkeenya 2

Ida'amni lakkoofsota hundaa lamaa 1721. Ida'amtoota keessaa tokko 475 yoo ta'e, inni biraan meeqa?

Furmaata

i Kan gaafatame: Ida'amtoota keessa inni tokko meeqa?

ii Kan kenname:

a Ida'amni lakkoofsota lamaanii 1721 ta'uu

b Ida'amtuun tokko 475 ta'uu

iii Kan barbaadame: Ida'amtuu kan biraan meeqa?

Isa barbaadamu argachuudhaaf, isa kennamee fi isa barbaadamu kan walitti fidu hima haa hojjennu. Ida'amtuu isa barbaadamu <a> haa jennu.

Kanaafuu, $a + 475 = 1721$

iv Isa barbaadamu argachuudhaaf hir'isuutti gargaaramna.


Kanaafuu, $a = 1721 - 475 = 1246$

Kanaafuu, ida'amtuun inni kan biraa 1246dha.

Mirkaneessuu $1246 + 475 = 1721$

Fakkeenya 3

Daldalaan midhaanii tokko xaafii kuntaala 117 fi boqqoolloo kuntaala 96 bite. Kana keessaa xaafii kuntaala 45 fi boqqoolloo kuntaala 34 gurgure. Kan hin gurguramiin kuntaala meeqa?



Furmaata

- i Kan gaafatame xaafii fi boqqoolloon hin gurguramiin walitti kuntaala meeqa akka ta'edha.
- ii Kan kenname: Daldalaan kun xaafii kuntaala 117 fi boqqoolloo kuntaala 96 bitee, isaa keessaa xaafii kuntaala 45 fi boqqoolloo kuntaala 34 gurguruu dha.
- iii kan barbaadame: Boqqoolloo fi xaafiin kuntaalli kan hin gurguramiin walitti kuntaala meeqa akka ta'e

Isa barbaadamu argachuudhaaf, ida'ama kuntaalotaa bitamanii ida'ama kuntaalota gurguramanii irraa hir'ifna.

Kanaafuu, ida'amni kuntaalota bitamanii $117 + 96 = 213$

Ida'amni kuntaalota gurguramanii $45 + 34 = 79$

Kanaafuu, kuntaalli boqqoolloo fi xaafii kan hin gurguramiin $213 - 79 = 134$.

Fakkeenya 4

Daldalaan buuphaa tokko buphaa 351 baadiyyaadhaa bitee galee yeroo mana ga'u 35 caccabuu isaanii arge. Kanneen fayyaa hafanirraa yoo 70 gurgurre, buuphaa fayyaa meeqaatu isaaf hafe?

Furmaata

- i Kan gaafatame: buphaalee caccabaniifi gurguramanirraa kan hafe meeqa akka ta'e dha.
- ii Kan kenname: buuphaaleen bitaman 351, kan caccaban 35, kan gurguraman 70 ta'u.
- iii Kan barbaadamu: buuphaaleen meeqa akka hafan. Isa barbaadamu argachuudhaaf, dura buuphaalee caccabaniifi gurguraman walitti idaana.

Kanaafuu, $35 + 70 = 105$

Dhumarratti buuphaalee hafan argachuuf 351 irraa 105 hir'ifna.

Innis: $351 - 105 = 246$

Waan kana ta'eef, buuphaaleen hafan 246dha.

Karaa biraammoo, akka armaan gadiitti argachuun ni danda'ama.

- i 351 irraa buuphaalee caccaban hir'ifna. Innis $351 - 35 = 316$
- ii Itti aansuudhaan 316 irraa buuphaalee gurguraman hir'isna. Innis $316 - 70 = 246$.

Kana jechuun, buuphaaleen isa caccabee fi isa gurgurame irraa hafan 246 jechuu dha.

Gilgaala - 10

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi

- 1 Gabaa tokkorratti kan dhiyaatan sangoota 3,567 fi hoolota 756 keessaa sangoota 1251 fi hoolota 635tu gurgurame. Baay'inni sangootaa fi hoolota hin gurguramiin walitti meeqa?
- 2 Qotee bulaan tokko lafa qonnaa qabu keessaa hektaara 470 xaafii facaase. Lafa isa hafe yommuu safaru hektaara 315 ta'e. Qotee bulaan kun walumatti lafa qonnaa hektaara meeqa qaba?
- 3 Roobee ka'anii Dambidoolloo dhaquuf Finfinnee keessa darbama. Fageenyi Roobee hamma Dambidoolloo 1,113km, Roobee hamma Finfinneetti 455km. Fageenyi Finfinnee hamma Dambidoolloo km meeqa?
- 4 Gande'en afur karaa hojjechiisuuf qarshii 1,907; 987; 2,048 fi 1,009 walitti buusan. Gande'en arfan qarshii meeqa walitti buusan?
- 5 Buufata hormaata handaaqqoo tokko keessatti buuphaa 1,000 keessaa 185 kormaa, 626 immoo dhaltuu ta'anii yommu yaasifaman, buuphaaleen hafan immoo cuucii osoo hin ta'iin hafan. Buuphaaleen gataman meeqa?
- 6 Lakkoofsi hundaa afur walitti ida'amanii 2,515 ta'an. Lakkoofsota ida'aman kana keessaa sadan isaanii 78, 344 fi 965 yoo ta'an, lakkoofsi inni arfaffaan meeqa?
- 7 Qotee bulaan tokko kaarotii 5kg fi raafuu 850g oomishe. Kan oomishe kana keessaa kaarotii 2kg fi raafuu 300g gurgurate. Walumaa galatti kaarotii fi raafuun hin gurguramiin giraamii meeqa ta'a?
- 8 Mana barumsaa tokko keessatti baay'inni ijoollee dhiiraa kutaa 3^{ffaa} baay'ina ijoolle dubaraa irra 42'n caala. Baay'inni ijoollee dhiiraa 97 yoo ta'e;
 - a baay'inni ijoollee dubaraa meeqa?
 - b Baay'inni ijoollee kutaa 3^{ffaa} walumatti meeqa?

Boqonnaa

5

99 115 10,000
1375 609 $100 \times 6 = 600$
 $1,500 \div 3 = 500$ 1,032 999

BAAY'ISUU FI HIRUU LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 10,000TTI

5.1 LAKKOOF SOTA HUNDAA BAAY'ATTOOTA 100 TA'AN LAKKOOF SOTA HUNDAA KAN DIJIIITI TOKKOOTIIN BAAY'ISUU

Fakkeenya

Aaddee Caaltuun qottee bultuu buna oomiishanii dha. Torban tokko keessatti buna kachoo 200 yoo funaansisan, torban afur keessatti buna kachoo meeqa funaansisu?

$$4 \times 200 = ?$$



Yaada bu'uuraa baay'isuu gargaaramuudhaan baay'ataa isaa argachuun ni danda'ama.

$$4 \times 2 = 8$$

$$4 \times 20 = 80$$

$$4 \times 200 = 800$$

Kanaafuu, aaddee Caaltuun torban afur keessatti buna kachoo 800 funaansisu.

Haaluma wal fakkaatuun baay'attoota dhibbaa akka salphaatti waliin baay'isuu ni dandeessa.

$$3 \times 3 = 9$$

$$3 \times 4 = 12$$

$$30 \times 3 = 90$$

$$30 \times 4 = 120$$

$$300 \times 3 = 900$$

$$300 \times 4 = 1200$$

Gocha 1

Waliin baay'isi.

1 $2 \times 3 = \square$

2 $4 \times 4 = \square$

3 $3 \times 7 = \square$

$20 \times 3 = \square$

$40 \times 4 = \square$

$30 \times 7 = \square$

$200 \times 3 = \square$

$400 \times 4 = \square$

$300 \times 7 = \square$

4 Qotee bulaan tokko buna oomishe keessaa guyyaatti kuntaala sadii yoo gabaatti dhiyeesse, guyyaa shan keessatti kg meeqa dhiyeesse?

5 Obbo Guutaan burtukaana fe'iinsaa 8 gabaa geessan. Fe'iinsa tokko keessa burtukaanni 400 yoo jiraate, obbo Guutaan burtukaana meeqa gabaa geessan?

Gilgaala - 1

Kan armaan gaditti kennaman waliin baay'isi.

1 100×3

2 500×2

3 4×900

4 3×500

5 2×100

6 800×8

7 400×5

8 800×7

9 300×6

10 800×9

Pirobileemota Jechaa

11 Warshaan huccuu Aqaaqii torban tokko keessatti huccuu xaaqaa 500 yoo raabsuu danda'e, torban 4 keessatti huccuu xaaqaa meeqa raabsuu danda'a?

12 Gammachuun muuzii saanduqa 8 bite. Saanduqni tokko muuzii 300 qabata yoo ta'e, Gammachuun muuzii meeqa bite?

- 13** Godina tokko keessatti manneen barnnoota sadarkaa tokkoffaa 100 tu argama. Tokkoon tokkoon manneen barnnoota kanaa daree torba torba qabu yoo ta'e, walitti qabaatti dareewwan meeqatu godina kana keessatti argama?
- 14** Gabatee armaan gaditti kennaman dabtara kee irratti garagalchuudhaan bakka hir'ate waliin baay'isii guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7
100				400			
200					1000		
300							2100
400							
500	500						
600						3600	
800		1600					
900			2700				

Fakkeenya

Obbo Caalaan loowwan sadii tokkoon tokkoon isaanii qarshii 1500'n bitan. Obbo Caalaan qarshii meeqa baasan?

yadadhu

$$15 \times 3 = 45$$

Furmaata

$$15 \times 3 = 45$$

$$150 \times 3 = 450$$

$$1500 \times 3 = 4,500$$

Kanaafuu Obbo Caalaan Qarshii 4500 baasan.

Haaluma walfakkaatuun baay'attoota dhibbaa akka salphaatti waliin baay'suun ni danda'ama.

Fakkeenya

$$14 \times 6 = 84$$

$$15 \times 5 = 75$$

$$140 \times 6 = 840$$

$$150 \times 5 = 750$$

$$1400 \times 6 = 8400$$

$$1500 \times 5 = 7500$$

Gocha 2

Kan armaan gadii waliin baay'isi.

1 $6 \times 2 = \square$

2 $11 \times 2 = \square$

3 $16 \times 3 = \square$

$60 \times 2 = \square$

$110 \times 2 = \square$

$160 \times 3 = \square$

$600 \times 2 = \square$

$1100 \times 2 = \square$

$1600 \times 3 = \square$

4 $13 \times 3 = \square$

5 $14 \times 5 = \square$

6 $12 \times 6 = \square$

$130 \times 3 = \square$

$140 \times 5 = \square$

$120 \times 6 = \square$

$1300 \times 3 = \square$

$1400 \times 5 = \square$

$1200 \times 6 = \square$

- 7 Warshaan qorqoorroo Aqaaqii guyyaatti qorqoorroo 1200 yoo oomishuu danda'e, torban tokko keessatti qorqoorroo meeqaa oomishuu danda'a?

Gilgaala - 2

Waliin baay'isi

1 1×1700

2 2×1800

3 4×1300

4 8×1200

5 7×1300

6 1500×2

7 1100×9

8 2800×3

9 4200×2

10 1300×7

Pirobileemota jechaa furi.

- 11 Konkolataan tokko dhaqaa galatti kiilomeetira 2200 deemaa yoo ta'e, al afur dhaqee galuuf walitti qabaatti kiilomeetira meeqa deema?
- 12 Ayyaana qillee darbeetti kallattii arfaniin hoolonni gabaa Finfinneetti dhiyaataniiru. Kallattii tokko tokkoon hoolonni 1,200 yoo dhiyaatan, walumatti hoolota meeqatu gabaa Finfinneetti dhiyaate?
- 13 Aaddee Magartuun handaaqoo buuphaa hanqaaqan 200 bitan. Tokkoon tokkoon isaanii torbanitti buuphaa torba torba yoo hanqaaqan torban afuritti aaddee Magartuun buuphaa meeqa argachuu danda'u?

- 14** Gabatee armaan gaditti kennaman dabtara keerratti garagalchuudhaan bakka hir'ate waliin baay'isii guuti.

×	1	2	3	4	5
1000					
1500			4500		
2800					
3300					
4200					

5.2 LAKKOOFSA HUNDAA BAAY'ATTOOTA

1000 TA'AN LAKKOOFSA HUNDAA DIJITII

TOKKOOTIIN BAAY'ISUU

Fakkeenya



Gaaniin tokko bishaan liitira 1000 qabata yoo ta'e, gaaniin isa fakkaatan sadi bishaan liitira meeqa qabachuu danda'u?

Furmaata:

$$1 \times 3 = 3$$

$$10 \times 3 = 30$$

$$100 \times 3 = 300$$

$$1000 \times 3 = 3,000$$

Kanaafuu gaaniin sadan bishaan liitira 3,000 qabachuu danda'u.

Gocha 3

Waliin baay'isi.

1 1000×2

2 2000×2

3 3000×3

4 3000×2

5 4000×2

6 5000×1

- 7** Qarshiin tokko saantima 100dha. Meetiin qarshii 4 yoo qabaatte saantima meeqatti jijjiirrachuu dandeessii?

Gilgaala - 3***Kanneen armaan gadii waliin baay'isi.***

- | | | | | | |
|----------|-----------------|----------|-----------------|----------|-----------------|
| 1 | 1000×5 | 2 | 8000×1 | 3 | 1000×6 |
| 4 | 9×1000 | 5 | 3×2000 | 6 | 8×1000 |
- 7** Kuntaalli tokko kiilogiraama 100dha. Obbo Guutaan harroota 8 yoo qabaatee tokkoo tokkoo isaaniitti boqqolloo kuntaala tokko tokko fe'e obbo Guutaan boqqolloo kiiloogiraama meeqa fe'e?
- 8** Xiyyaarri tokko sa'aatii tokkotti kiiloomeetira 1,000 balali'uu yoo danda'e, sa'aatii 6 keessatti kiiloomeetira meeqa balali'uu danda'a?
- 9** Gatiin barrulee tokkoo qarshii 4 yoo ta'e, gatiin barruulee 2,000 qarshii meeqa ta'a?

Fakkeenya

Shukkaarri kiiloogiraamni 5 giraama meeqa ta'a?

Furmaata

Kiiloogiraamni tokko giraama 1000 ta'a

kanaafuu kiiloogiraamni $5 = 5 \times 1000 =$ Giraama 5000 ta'a

Gocha 4

Kan armaan gadii herreguudhaan bakka duwwaa guuti

- | | | | |
|----------|--|----------|--|
| 1 | Meetira 3 = Miliimeetira <input type="text"/> | 2 | Meetira 4 = Miliimeetira <input type="text"/> |
| 3 | Kiiloogiraama 2 = Giraama <input type="text"/> | 4 | Kiiloogiraama 6 = Giraama <input type="text"/> |

Gilgaala - 4***Pirobileemota jecha armaan gadii furi.***

- 1** Funyoon meetirri tokko miiliimeetirii 1000 yoo ta'e, funyoon meetirri 7 miiliimeetira meeqa ta'a?.



- 2 Karaa Finfinneedhaa Jimma dhaqurra guyyaatti konkolaattota 1,000 tu deema yoo ta'e torban tokko keessatti konkolaattota meeqatu deema?
- 3 Aanaa tokko keessa qonnaan bultoota 5000 tu jira. Tokkoon tokkoon isaanii sangoota cimdii lama lama yoo qabaatan, walitti sangoota cimdii meeqa qabu?
- 4 Qotee bulaa tokkoof xaa'oo kuntaala 3 barbaachisa yoo ta'e, qotee bultoota hammas gargaaraman 3000f xaa'oo kuntaala meeqa barbaachisa?
- 5 Gabatee armaan gaditti kennaman dabtara keerratti garagalchuudhaan bakka hir'ate guuti.

×	1000	2000	3000	4000	5000	6000	7000	8000	9000
1									
2									
3									
4									
5									

5.3 LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI JIRAN LAKKOOFSA 1 - 9TTIIN BAAY'ISUU

5.3.1 Lakkoofsota hundaa dijiitii lama qaban kanneen dijiitii tokko qabaniin baay'isuu

- ☞ Kutaa kana keessatti tooftaa lakkoofsota waliin baay'isuu adda addaatti gargaaramuudhaan lakkoofsa hundaa dijiitii lama qaban warra dijiitii tokko qabaniin akkamitti akka baay'iftu ni baratta.

A Tooftaa qoqqoodanii baay'isuu

Tooftaa kanaan gargaaramuuf lakkoofsota gatii mana isaanitiin balballoomsuu (diddiriirsuu) yaadachuu qabda.

Gocha 5

Lakkoofsota arman gatii manaa isaniitiin diddiriirsi.

1 $21 = 20 + 1$

2 $45 = 40 + \square$

3 $38 = \square + 8$

4 $74 = \square + \square$

5 $56 = \square + \square$

6 $88 = \square + \square$

Fakkeenya 1

Qotee bultoonni 3 tokkoon tokkoon isaanii re'oota 21 yoo gurguratan, walitti re'oota meeqa gurguuratan?

Shallaga:

$$3 \times 21 = ?$$

21 yeroo diddiriiru 20 + 1 ta'a.

Kurnoota 2 fi tokkee 3'n baay'isi.

$$20 \times 3$$

$$1 \times 3$$

→

→

Kurnoota Tokkee

$$\begin{array}{r} 21 \\ \times 3 \\ \hline 63 \\ + 63 \\ \hline 63 \end{array}$$

Baay'attoota qoqqoodaman lachuu walitti ida'i.

$$3 \times 21 = 63$$

Kanaafuu qotee bultoonni sadan re'oota 63 gurgurataniiru.

Fakkeenya 2

$$53 \times 4 = ?$$

Shallaguu:

53 yeroo diddiriiru 50 + 3 ta'a

Kurnoota 5 fi tokkee 4n baay'isi

$$50 \times 4$$

$$3 \times 4$$

→

→

Dhibbota Kurnoota Tokkee

$$\begin{array}{r} 53 \\ \times 4 \\ \hline 200 \\ + 12 \\ \hline 212 \end{array}$$

Baay'attoota qoqqoodaman lachuu walitti ida'i.

$$53 \times 4 = 212$$

Gocha 6

Gaaffii arman gaditti kennaman tooftaa qoqqoodanii baay'isuutti gargaaramuudhan shallagi.

1 11×5

2 22×4

3 30×2

4 52×7

5 46×4

6 74×9

B Irraan gadee baay'isuu

Fakkeenya 1



Guuboon tokko muuzii 23 qabachuu yoo danda'e guuboon walfakkaatan 3 muuzii meeqa qabachuu danda'u?

Shallagi:

$$23 \times 3 = ?$$

Dura tokkee waliin baay'isi	Itti aansuudhaan kurnoota waliin baay'isi
$\begin{array}{r} 23 \\ \times 3 \\ \hline 9 \end{array}$ $3 \times 3 = 9$	$\begin{array}{r} 23 \\ \times 3 \\ \hline 69 \end{array}$ $3 \times 2 = 6$

Kanaafuu, guuboon sadan $23 \times 3 = 69$ qabachuu danda'u.

Fakkeenya 2

Mana barumsaa tokko keessatti barattoonni 5 tokkoon tokkoon isaanii biqiltoota 46 yoo dhaaban, walumatti biqiltoota meeqa tu dhaabame?

Shallagaa

$$46 \times 5 = ?$$

Tokkee baay'isi [sadii qabna]	Kurnoota baay'isi [isa qabdu irratti ida'i]
$\begin{array}{r} 3 \\ 46 \\ \times 5 \\ \hline 0 \\ 5 \times 6 = 30 \end{array}$	$\begin{array}{r} 3 \\ 46 \\ \times 5 \\ \hline 230 \\ 5 \times 4 = 20 \\ 20 + 3 = 23 \end{array}$

Kanaafuu, $46 \times 5 = 230$

Gocha 7

Kanneen armaan gadii waliin baay'isi.

1 14×2	2 20×3	3 44×2	4 35×3	5 57×8	6 86×9
------------------------	------------------------	------------------------	------------------------	------------------------	------------------------

Gilgaala - 5

Kanneen armaan gaditti kennaman tooftaa qoqqoodanii baay'isuutti gargaaramuun baay'isi.

1 18×2	2 31×3	3 33×3	4 24×3
5 15×7	6 64×9	7 82×7	8 99×3

Kanneen armaan gadii irraan gadee baay'isi.

9 13×2	10 21×2	11 14×5	12 42×6	13 63×7	14 95×8
------------------------	-------------------------	-------------------------	-------------------------	-------------------------	-------------------------

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 15** Ogeessi hojii mukaa tokko balbala manaa tokko hojjechuuf gatii harkaa qarshii 31 gaafate. Ogeessi kun balbala wal fakkaatan shan yoo hojjete qarshii meeqa gaafata?
- 16** Qotee bultoonni 3 tokkoon tokkoon isaanii saliixii kuntaala 78 oomiishan. Walumatti qotee bultoonni kun saliixii kuntaala meeqa oomiishan?
- 17** 73×8 **18** 71×9 **19** 81×4 **20** 93×2

5.3.2 Lakkoofsota dijiitii sadii qaban kanneen dijiitii tokko qabaniin baay'isuu

A Tooftaa qoqqoodanii baay'suu

Dogoggora isaa baasi!

Obbo Jamaal 8×45 'n baay'isee deebii 72 argate.

Hojii isaas akka kanatti agarsiise.

Dogoggora obbo Jamaal ergaa ibsitee booda deebii sirrii ta'e kenni.

$$\begin{array}{r} 45 \\ \times 8 \\ \hline (8 \times 4) \rightarrow 32 \\ (8 \times 5) \rightarrow 40 \\ \hline 72 \end{array}$$

Gocha 8

Lakkoofsota armaan gadii gatii mana lakkoofsaa isaanitiin diddiriirsi.

1 $134 = 100 + \square + \square$

2 $506 = 500 + \square + \square$

3 $382 = \square + 80 + \square$

4 $496 = \square + \square + \square$

5 $773 = \square + \square + \square$

6 $859 = \square + \square + \square$

Fakkeenya 1

Mana barnootaa 124 godina tokko keessatti argaman tokkoo tokkoo isaaniif Kompiitara lama lamatu kennameef. Walumatti manneen barnootaa kanaaf kompiitara meeqatu kenname?

Shallaga:-

$$124 \times 2 = ?$$

Dhibbota Kurnoota Tokkee

			1	2	4
124 yeroo diddiriiru $100 + 20 + 4$ ta'a.				$\times$	2
Dhibbota, kurnootaafi tokkeen 2n baay'si	100×2	$\rightarrow$	2	0	0
	20×2	$\rightarrow$		4	0
	4×2	$\rightarrow$	+		8
Baay'attoota qoqqoodaman walitti ida'i.			2	4	8

Kanaafuu, $124 \times 2 = 248$

Fakkeenya 2

$$164 \times 5 = ?$$

Dhibbota Kurnoota Tokkee

164 yeroo diddiriiru $100 + 60 + 4$ ta'a.

Dhibboota, kurnootaa fi tokkee 5n baay'isi.

$$100 \times 5 \rightarrow$$

$$60 \times 5 \rightarrow$$

$$4 \times 5 \rightarrow$$

1	6	4
	×	5
5	0	0
3	0	0
+	2	0
8	2	0

Baay'attoota qoqqoodaman walitti ida'i.

Kanaafuu, $164 \times 5 = 820$

Gocha 9

Kanneen armaan gaditti kennaman tooftaa qoqqooduun baay'isuutti gargaaramuun shallagi.

1 103×3

2 256×3

3 422×4

4 6×672

5 8×445

6 723×3

B Irraan gadee baay'isuu

Fakkeenya 3

Waldaan dubartoota sadii handaaqqoo horsiisuuf tokkoon tokkoon isaanii handaaqqoo 123 yoo bitan, walumatti handaaqqoo meeqa bitan?

Shallaga:- $123 \times 3 = ?$

Dura tokkeen baay'isi	Itti aansuun kurnoota baay'isi	Dhumma irratti dhibboota baay'isi
123 $\times 3$ 9 $3 \times 3 = 9$	123 $\times 3$ 69 $3 \times 2 = 6$	123 $\times 3$ 369 $3 \times 1 = 3$

Kanaafuu walumatti handaaqqoo 369 bitan.

Gocha 10

Kanneen armaan gadii waliin baay'isi.

1	242	2	302	3	414	4	723	5	710	6	811
	$\times 2$		$\times 2$		$\times 2$		$\times 3$		$\times 8$		$\times 5$

Fakkeenya 4

Warshaan qalama oomishu tokko sa'aatii tokkotti qalama 208 oomisha. Sa'atii 8 keessatti qalama hammam oomishuu danda'a?

Shallaga:- $208 \times 8 = ?$

Tokkee waliin baay'isi [jaha qabna]	kurnoota waliin baay'isi [hambifannaatti ida'i]	Dhibboota waliin baay'isi
$\begin{array}{r} 6 \\ 208 \\ \times 8 \\ \hline 4 \\ 8 \times 8 = 64 \end{array}$	$\begin{array}{r} 6 \\ 208 \\ \times 8 \\ \hline 64 \\ 8 \times 0 = 0 \\ 0 + 6 = 6 \end{array}$	$\begin{array}{r} 6 \\ 208 \\ \times 8 \\ \hline 1664 \\ 8 \times 2 = 16 \end{array}$

Kanaafuu $208 \times 8 = 1664$

Fakkeenya 5

$374 \times 6 = ?$

$$\begin{array}{r} 42 \\ 374 \\ \times 6 \\ \hline 2244 \end{array}$$

$$6 \times 4 = 24$$

24 = kurnoota 2 fi tokkee 4

Kanaafuu 2 qabna!

$$6 \times 7 = 42$$

$$42 + 2 = 44$$

4 barreffannee 4 qabna

$$6 \times 3 = 18$$

$$18 + 4 = 22$$

Gocha 1 1

Kanneen armaan gaditti kennaman baay'isi.

1	225	2	448	3	127	4	503	5	644	6	856
	$\times 2$		$\times 2$		$\times 3$		$\times 8$		$\times 6$		$\times 7$

Gilgaala - 7

Kanneen armaan gaditti kennaman tooftaa qoqqoodanii baay'isuutti gargaaramuun Shallagi.

1	211×2	2	321×3	3	333×3	4	225×9
5	258×5	6	914×3	7	282×6	8	589×4

Kanneen armaan gaditti kennaman irra gadee baay'isi.

9	242	10	441	11	113	12	712	13	264	14	925
	$\times 2$		$\times 2$		$\times 5$		$\times 6$		$\times 3$		$\times 7$

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 15** Qorqoorroon zayitii tokko zayitii liitira 4 yoo qabate qorqoorroon isa fakkaatan 122 zayitii liitira meeqa qabatu?
- 16** Ogeessi ijaarsaa tokko dagalee manaa fuula tokko hojjechuuf bilookeetii 325 gargaarama. Fuula walfakkaatan 4 xumuruudhaaf bilookeetii meeqa gargaaramuu qaba?

C Tooftaa Laatesii (Lattice method)


Tooftaa kanatti namoonni waggaa dheeraaf itti gargaaramaa turaniiru. Tooftaa kanatti gargaaramuuf qoyyaboota bu'uraa baay'isuu beekuun baay'ee namaaf salphisa.

Fakkeenya 6

$$25 \times 6 = ?$$

Fakkiin saanduqa kennamee kun Laatesii(lattice) jedhama

25 gararraa sanduqichaatti barreessi.





6 immoo cinaa mirgaa saanduqichaatti barreessi.

Jalqaba 5×6 , itti aansuudhaan 2×6 baay'isii akka fakkii irratti agarsiifameetti kaa'i.

Lakkoofsota sarara shaffaxarra jiran walitti ida'i.

Kanaafuu, $25 \times 6 = 150$



Fakkeenya 7

$59 \times 7 = ?$

59 gararraa sanduqichaatti barreessi.



7 immoo cinaa karaa mirgaa saanduqichaatti barreessi.

Jalqaba 7×9 , itti aansuudhaan 7×5 baay'isitii akka fakkii irratti agarsiifameetti kaa'i.

Lakkoofsa sarara shaffaxarra jiran walitti ida'i.

Yeroo idaatu yoo ida'amni 10 yookiin isaa ol ta'e lakkoofsa isa mana tokkoo barreessitii lakkoofsa isa mana kudhanimmoo lakkoofsota warra shaffaxarra jiranii wajjiin walitti ida'i.


Kanaafuu, $59 \times 7 = 413$




Gocha 12

Tooftaa laatesiitti (lattice) gargaaramuun baay'isi.


1 35×5




2 124×5



3 132×3



4 709×6



Gilgaala - 8

Tooftaa laatesiitti (lattice) gargaaramuun baay'isi.

1 71×6

2 350×3

3 163×3

4 384×4

5 525×6

6 780×7

5.3.3 Pirobileemota jechaa

Fakkeenya



Konkolaataan fe'isaa tokko sa'aatii tokkotti 65 km yoo deeme, sa'aatii ja'atti km meeqa deema?

Furmaata:

Sa'aatii ja'a keessatti hammam akka deeme beekuuf km inni deemee fi sa'aatii itti fudhate waliin baay'ifna.

$$65 \times 6 = 390$$

Kanaafuu, 390km deema.

Gilgaala - 9

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

1 Gatiin boba'aa liitira tokkoo qarshii 9 yoo ta'e, kan liitira 105 meeqa ta'a?

2 Qarshiin tokko saantiima 100dha. Meetiin qarshii 4 qabdu saantima meeqatti jijjiirrachuu dandeessi?

3 Obbo Ifaan waraqaa dasxaa 4 bitan. Dasxaan tokko waraqaa 500 yoo qabate, Obbo Ifaan waraqaa hammam bitan?

4 Gatiin damma kg tokkoo qarshii 40 yoo ta'e, kan 6 kg meeqa ta'a?

5 Gatiin barruulee tokkoo qarshii 5 yoo ta'e, kan barruulee 62 meeqa ta'a?

- 6 Aaddee Laliseen hoolota 8 yoo coomsanii tokkoo tokkoo isaanii qarshii 760tti gurguran hunda isaanii qarshii meeqatti gurguruu danda'u?
- 7 Kutaa Sanyiin itti baratuu keessa Ijoollee 28tu jira. Sanyiin Ijoollee kutaa isaa kana hundaaf karamellaasadi sadi hiruu yoo fedhe karamellaas meeqa isa barbaachisa?
- 8 Qurxummii qabaan tokko guyyaatti qurxummii 110 qabatee oola. Akaataa kanaan guyyaa 5tti qurxummii meeqa qabachuu danda'a?

5.4 BAAY'ATTOOTA 10 FI 100 HAMMA 10,000TTI JIRAN LAKKOOFSA DIJITII 1 FI 10F HIRUU.

5.4.1 Lakkoofsota Hundaa hamma 10,000tti Jiranii fi Baay'attota 10 fi 100 ta'an 10f hiruu.

Gocha 13

Qorkii walitti funaaniitii hiruu ittiin shaakali.



- 1 Qorkii 20 fudhuutii nama 10f hiri.

Meeqa meeqa wal ga'a?

$$20 \div 10 = \underline{\quad}$$

- 2 Qorkii 50 fudhuutii barattoota 10f hiri.

Meeqa meeqa wal ga'a?

$$50 \div 10 = \underline{\quad}$$

Yoo $a \div b = c$ ta'e

a - Hiramaa

b - Hirmaataa

c - Ga'ee jedhamu.

Kanarraa maal hubatte?

Kanneen armaan gaditti kennaman hiriitii ga'ee isaanii ibsi.

3 $30 \div 10$

5 $130 \div 10$

7 $2070 \div 10$

4 $80 \div 10$

6 $280 \div 10$

8 $6500 \div 10$

Yaadadhu:

Lakkoofsi hundaa gatiin dijiitii mana tokkoo “0” ta’e kamiyyuu 10’f hiramee ga’een inni kennu lakkoofsa isaa “0” mana tokkoorra jiru biraa balleessinee argannuudha.

Fakkeenya

$$60 \div 10 = 6 \qquad 2000 \div 10 = 200$$

$$300 \div 10 = 30 \qquad 7040 \div 10 = 704$$

$$670 \div 10 = 67 \qquad 8830 \div 10 = 883$$

Gocha 14

Firaa’ol 450 yeroo 10’f hiru gatii mana lakkoofsaa isaan qabanitti gargaaramee akkaataa armaan gaditti kennametti hojjette.

450 yeroo diddiriirsee barreessu $400 + 50$ argate.

$$400 \div 10 = 40,$$

$$50 \div 10 = 5$$

Kanaafuu $450 \div 10 = 40 + 5 = 45$ jedhe.

Akkaataan Firaa’ol itti hojjete sirrii ta’uuf dhiisuu irratti mari’adhaa.

Kanneen armaan gadii tooftaa Firaa’oliitti gargaaramuun hiraa.

1 $550 \div 10$ **2** $780 \div 10$ **3** $700 \div 10$

4 $3300 \div 10$ **5** $4220 \div 10$ **6** $5670 \div 10$

Gilgaala - 10

Hiri

1 $80 \div 10$ **2** $180 \div 10$ **3** $570 \div 10$

4 $620 \div 10$ **5** $710 \div 10$ **6** $890 \div 10$

7 $900 \div 10$ **8** $1000 \div 10$ **9** $1200 \div 10$

10 $2000 \div 10$

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 11** Namoonni 10 waldaan gurmaa'anii hoolota horsiisan keessaa 660 yoo hirmaatan meeqa meeqa wal ga'a?
- 12** Dhaabbannii gargaarsaa tokko dabtara 50 bitee yoo ijoollee deeggersa maatii hin qabne 10'f hire tokkoon tokkoon isaanii meeqa meeqa argatu?
- 13** Buna kuntaala 60 namoonni 10 qixxetti yoo hirmaatan kuntaala meeqa meeqa wal ga'a?

5.4.2 Baay'attoota 10 fi 100 Hamma 10,000tti jiran Lakkoofsota Hundaa Dijiitii Tokkootiif Hiruu

Jaalleen buuphaa 250 walitti qabatee qabdi. Buuphaalee kana kachoo 5tti qixxetti qooddee yoo naqxee kachoo tokko keessa buuphaa meeqatu jira?

Furmaata:

$$25 \div 5 = 5$$

$$250 \div 5 = 50$$

Kanaafuu Jaalleen buuphaaleen isheen kachoo tokko keessatti naqxee 50 ta'a. Paatar-nii akkanaatiin baay'attoota 10fi 100 akka salphaatti hiruun ni danda'ama.

Fakkeenya 1

$$6 \div 3 = 2$$

$$28 \div 7 = 4$$

$$60 \div 3 = 20$$

$$280 \div 7 = 40$$

$$600 \div 3 = 200$$

$$2800 \div 7 = 400$$

$$6000 \div 3 = 2000$$

Fakkeenya 2

a $4 \overline{) 28}$

b $4 \overline{) 280}$

c $4 \overline{) 2800}$

d $4 \overline{) 28000}$

Gocha 15

Saanduqa duwwaa guuti.

1 $6 \div 2 = \square$

$60 \div 2 = \square$

$600 \div 2 = \square$

2 $18 \div 3 = \square$

$180 \div 3 = \square$

$1800 \div 3 = \square$

3 $16 \div 4 = \square$

$160 \div 4 = \square$

$1600 \div 4 = \square$

4 $15 \div 5 = \square$

$150 \div 5 = \square$

$1500 \div 5 = \square$

5 $40 \div 8 = \square$

$400 \div 8 = \square$

$4000 \div 8 = \square$

6 $36 \div 6 = \square$

$360 \div 6 = \square$

$3600 \div 6 = \square$

Gilgaala - 11

Kanneen armaan gadii shallagi.

1 $180 \div 2$

2 $600 \div 3$

3 $400 \div 4$

4 $560 \div 8$

5 $4500 \div 5$

6 $2100 \div 3$

7 $3000 \div 6$

8 $4900 \div 7$

9 $6400 \div 8$

10 $8100 \div 9$

11 $2 \overline{)40}$

12 $3 \overline{)300}$

13 $3 \overline{)1200}$

14 $4 \overline{)8000}$


15 $5 \overline{)3500}$

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi

16 Aadde Abaaboon guyyaa gabaa 4tti buuphaa 3200 gurguratte. Guyyaa hunda walqixa gurgurate yoo ta'e, gabaa tokkotti buuphaa meeqa gurguratte?

17 Waldaan gurmaa'anii namoonni shaqaxaa daldalan 6, waggatti gibira qarshii 3000 yoo kanfalan tokkoon tokkoon isaanii meeqa kanfalan jechuudha?

18 Namoonni 5 qarshii 4000 walitti buufachuudhaan sangaa tokko bitatanii qalatan. Tokkoon tokkoon isaanii qarshii meeqa buusan?

Pirobleemii dabalataa*Debiin isaa meeqa?***5.5 LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI****JIRAN, LAKKOOFSA DIJITII TOKKO QABANII FI 10'F HIRUU.****5.5.1 Lakkoofsa hundaa abbaa dijitii
lamaa lakkoofsa dijitii 1'f hiruu***Hiri*

1	$3 \overline{)12}$	2	$8 \overline{)72}$	3	$4 \overline{)28}$
4	$6 \overline{)30}$	5	$8 \overline{)72}$	6	$7 \overline{)49}$

Fakkeenya

Barattoonni 72 galma godambaa aadaa Oromoo do'achuu deeman. Do'achiftoonni 4 bakka walqixaatti qooddatanii yoo do'achiisan, tokkoon tokkoon isaanii barattoota meeqa do'achiisan?

Shallagaa:

$$72 \div 4 = ?$$

Jalqaba	Itti aansun
$\overset{1}{4}\overline{)72}$ 7 ÷ 4 = ? $\begin{array}{r} -4 \\ \hline 3 \end{array}$ 1 × 4 = 4 $\begin{array}{r} -4 \\ \hline 3 \end{array}$ 2 × 4 = 8 kanaafuu 1 ga'a tokko 4n baay'isi. 1 × 4 = 4 7 irraa 4 Hir'isi. 7 - 4 = 3	$\overset{18}{4}\overline{)72}$ Sadii afuriif hin hramu. $\begin{array}{r} -4 \\ \hline 32 \end{array}$ Kanaafuu 2 gadi buufne bira keenya. $\begin{array}{r} -32 \\ \hline 0 \end{array}$ 32 ÷ 4 = ? 32 ÷ 4 = 8 Sababi isaa 8 × 4 = 32 Kanaafuu 8 ga'a. Saddeet 4n baay'isi. 8 × 4 = 32. Hir'isi. 32 - 32 = 0

Mirkaneessuu

18 ➡ Ga'e

x4 ➡ hirmaataa

72 ➡ hiramaa

Kanaafuu do'achiisan tokko barattoota 18 do'achiise jechuu dha.

Gocha 16

Hiriitii deebiin kee sirrii ta'uu mirkaneessi.

1	$2\overline{)24}$	2	$4\overline{)52}$	3	$5\overline{)65}$	4	$3\overline{)27}$	5	$3\overline{)36}$
6	$6\overline{)78}$	7	$7\overline{)84}$	8	$8\overline{)48}$	9	$6\overline{)60}$	10	$9\overline{)99}$

5.5.2 Lakkoofsota hundaa kan dijiitii lamaa

isaan lakkoofsa dijiitii 1'f hafteen hiruu.

Fakkeenya

Aadde Badhaatuu aannan liitira 14 elmatan. Aannan elmatan kana qabeewwan liitira sadii sadii qabatanitti naqanii namoota ollaaf ergan. Qabeewwan meeqatti gargaaraman?

Shallagaa

$$14 \div 3 = ?$$

$$\begin{array}{r} 3 \\ 4 \overline{)14} \\ -12 \\ \hline 2 \end{array}$$

$$\begin{array}{r} 3 \text{ hafteen } 2 \\ 4 \overline{)14} \\ -12 \\ \hline 2 \end{array}$$

1 afuriif hin hiramuu
14 keessa afur meeqa tu
jira?

$$1 \times 4 = 4$$

$$2 \times 4 = 8$$

$$3 \times 4 = 12.$$

Kanaafuu, afur sadii tu 14
keessa jira

Baay'isi: $3 \times 4 = 12.$

Baay'attoota wal irraa hir'isi

$$14 - 12 = 2$$

waliin madaali. $2 < 4$

Kanaafuu, hafteen 2 ta'a

Mirkaneessuu

3 Ga'e

$\times 4$ hirmaataa

12

$+ 2$ haftee itti ida'i

14 firiin isaa hi-
ramaa ta'a

Kanaafuu, qabeewwan 3tti gargaaramanii liitirri 2 haftee ta'a.

Gocha 17

Gaaffiiwwan armaan gadii cimdii cimdii ta'udhaan irratti mari'acha deebisaa.

$$\begin{array}{r} 6 \\ 5 \overline{)38} \\ -30 \\ \hline 8 \end{array}$$

$$\begin{array}{r} 6 \\ 5 \overline{)35} \\ -30 \\ \hline 5 \end{array}$$

$$\begin{array}{r} 6 \\ 5 \overline{)32} \\ -30 \\ \hline 2 \end{array}$$

- 1 8 haftee ta'uu ni danda'aa?
- 2 5 haftee ta'uu ni danda'aa?
- 3 2 haftee ta'uu ni danda'aa?
- 4 Hafteen hirmaataa caaluu ni danda'aa? Walqixa ta'uu ni danda'aa?
- 5 Lakkoofsa tokko 5f yoo hirtan hafteen lakkoofsota isaan kam ta'uu danda'u?

Hubadhaa!

Qooyyaba hiru keessatti hafteen hirmaataa caaluu hin danda'u.

- 6 Lakkoofsa 1 fi 2 irratti kan kennaman sirreessaa hojjedhaatii deebii keessan mirkaneessaa.

Gilgaala - 12

Hiri! deebiin kee sirrii ta'uu mirkaneessi.

1	$3\overline{)36}$	2	$2\overline{)34}$	3	$4\overline{)56}$	4	$5\overline{)70}$	5	$3\overline{)20}$
6	$6\overline{)19}$	7	$7\overline{)35}$	8	$9\overline{)41}$	9	$4\overline{)76}$	10	$4\overline{)88}$
11	$3\overline{)84}$	12	$6\overline{)96}$	13	$6\overline{)10}$	14	$9\overline{)25}$	15	$8\overline{)75}$

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 16** Ifaan hiriyyoottan isaa nama 7'f ija baddeessaa 84 walqixxetti yoo hireef, tokkoo tokkoo isaanii ija meeqa wal ga'e?
- 17** Manni barnootaa tokko daree 20 qaba. Gamoo afur qaba yoo ta'ee fi arfanuu daree walqixa yoo qabaatan, gamoon tokko daree meeqa qaba?
- 18** Qotee bultoonni 8 funyoo meetira 24 walqixa qooddatan. Tokkoon tokkoo isaanii meetira meeqa meeqa wal ga'a?
- 19** Ji'a 1 keessa torban meeqatu jira? Guyyaa meeqatu irraa hafe?
- 20** Dheerinni shelfii tokkoo 42cm. Kitaaba yabbinni isaa 6cm ta'e meeqa tu toora tokkoon walirra naqamuu danada'a?

5.5.3 Lakkoofsota hundaa dijiitii sadii qaban, lakkoofsa dijiitii tokkoof hiruu

Gocha 18

Tokkoon tokkoon mana barnootaaf kitaabolee meeqa tu ergamuu qaba?

Ajaja

Dhaabbata maxxansa kitaabaa Asteer Naggaatiif:

Ministeera barumsaarraa

Manneetii barnoota Naannoo Oromiyaa godina Shawaa Bahaati argamaniif kitaabooleen herregaa kutaa 3^{ffaa} 628 akka ergamuuf!

Baay'inni manneen barnoota: 4

Hubannoo: Hundumaaf walqixaa haa raabsamuu.

Akkaata itti shallagamuu cimdii cimdii ta'udhaan erga irratti mari'attanii booda waan irra geessan ijoollee kutaa keessaniif ibsaa.

Shallaga

$628 \div 4 = ?$

Jalqaba	Itti aansuun	itti fufuun	Mirkaneessuu 157  Ga'e $\times 4$  hirmataa 628  hiramaa
$\begin{array}{r} 1 \\ 4 \overline{)628} \\ \underline{-4} \\ 2 \end{array}$	$\begin{array}{r} 15 \\ 4 \overline{)628} \\ \underline{-4} \\ 22 \\ \underline{-20} \\ 2 \end{array}$	$\begin{array}{r} 157 \\ 4 \overline{)628} \\ \underline{-4} \\ 22 \\ \underline{-20} \\ 28 \\ \underline{-28} \\ 0 \end{array}$	

Kanaafuu, tokkon tokkon manneen barnootaf kitaboolee 157tu ergama

Gocha 19

Hiri itii deebiin kee sirrii ta'uu mirkaneessi.

- 1 $2 \overline{)226}$ 2 $3 \overline{)396}$ 3 $4 \overline{)528}$ 4 $6 \overline{)865}$ 5 $5 \overline{)730}$
 6 $4 \overline{)925}$ 7 $8 \overline{)905}$ 8 $7 \overline{)900}$ 9 $9 \overline{)990}$

Fakkeenya

Aaddee Biqileen kaarotii oomishite 144kg guuboowwan kiiloogiraama ja'a ja'a qabatanitti naqxee keesse. Aadde Biqileen guuboowaan meeqatti gargaaramte?

Shallaguu:

$144 \div 6 = ?$

Jalqaba	Itti aansun
1 ja'af hin hiramuu 14 keessa ja'ota meeqatu jira? $1 \times 6 = 6$; $2 \times 6 = 12$; $3 \times 6 = 18$ Kanaafuu ja'oota 2 tu jira Baay'isi: $2 \times 6 = 12$. Baay'attoota wal irraa hir'isa $14 - 12 = 2$ Waliin madaali $2 < 6$	2 ja'af hin hiramuu kanaafuu 4gadi buufnee bira keenya. $24 \div 6 = 4$ Sababi isaa $4 \times 6 = 24$ Baay'isi: $4 \times 6 = 24$ basy'attoota walirraa hir'isi- $24 - 24 = 0$

Gocha 20

Hiri.

1 $2 \overline{)130}$

2 $7 \overline{)224}$

3 $6 \overline{)276}$

4 $3 \overline{)152}$

5 $6 \overline{)170}$

6 $8 \overline{)695}$

Gilgaala - 13

Shallagi

1 $298 \div 2$

2 $888 \div 8$

3 $324 \div 4$

4 $685 \div 6$

5 $108 \div 6$

6 $380 \div 8$

7 $2 \overline{)486}$

8 $5 \overline{)865}$

9 $6 \overline{)679}$

10 $4 \overline{)304}$

11 $3 \overline{)133}$

12 $7 \overline{)497}$

5.5.4 Lakkoofsota dijiitii afur qaban lakkoofsota dijiitii tokkoo qabaniif hiruu.

Fakkeenya

Daldaltoonni sadi xiyyaaraan Jimmaa ka'anii gara Finfinnee dhufuuf qarshii 3,753 yoo kanfalan, tokkoon tokkoon isaanii qarshii meeqa meeqa baasan?

Shallaga

$ \begin{array}{r} 1251 \\ 3 \overline{)3753} \\ \underline{-3} \\ 07 \\ \underline{-6} \\ 15 \\ \underline{-15} \\ 03 \\ \underline{-3} \\ 0 \end{array} $	kumoota 3f hiri, $3 \div 3 = 1$ 1 sadi'in baay'isi, $1 \times 3 = 3$ hir'isi $3 - 3 = 0$ dhibboota 3f hiri $7 \div 3 = ?$ $2 \times 3 = 6,$ kanaafuu 2 wal ga'a hir'isi $7 - 6 = 1$ 1 yoo 3f hrame wal hin ga'u. Kanaafuu 5 gad buusi kurnoota hiri, $15 \div 3 = ?$ $5 \times 3 = 15$
---	--

Kanaaf tokkoon tokkoon isaanii qarshii 1,251 kanfalan jechuudha.

Gocha 21

Hiri:

1	$2 \overline{)2642}$	2	$4 \overline{)6504}$	3	$5 \overline{)6859}$	4	$4 \overline{)4970}$
5	$3 \overline{)2565}$	6	$5 \overline{)4055}$	7	$7 \overline{)5680}$	8	$8 \overline{)4155}$

Gilgaala - 14

Hiri: Deebiin kee sirrii ta'uu mirkaneessi.

1	$2 \overline{)4312}$	2	$7 \overline{)5922}$	3	$5 \overline{)3469}$	4	$6 \overline{)8022}$
5	$4 \overline{)5284}$	6	$3 \overline{)3174}$	7	$8 \overline{)4328}$	8	$9 \overline{)8055}$

5.5.5 Walitti dhufeenya hiruu fi baay'isuu

Gocha 22

Kanneen armaan gaditti kennamanirraa walitti dhufeenya hiruu fi baay'isuu hubadhu

$$4 \times 8 = 32$$

$$32 \div 8 = 4$$

$$32 \div 4 = 8$$

$$6 \times 5 = 30$$

$$30 \div 5 = 6$$

$$30 \div 6 = 5$$

$$9 \times 8 = 72$$

$$72 \div 8 = 9$$

$$72 \div 9 = 8$$

- 1 Himoota herregaa armaan oliirraa walitti dhufeenya hiruu fi baay'isuu attamitti hubattan?
- 2 Himoota herregaa armaan gaditti kennaman keessatti bakka saanduqaa guuti

$$5 \times 7 = 35$$

$$\square \div 5 = 7$$

$$35 \div \square = 5$$

$$\square \times 9 = 36$$

$$36 \div 9 = \square$$

$$36 \div \square = 9$$

$$9 \times 8 = 72$$

$$\square \div \square = \square$$

$$\square \div \square = \square$$

Fakkeenya

Gatii 'k' barbaadi

1 $k \div 7 = 25$

Furmaata

$k \div 7 = 25$ kana jechuun

$k = 7 \times 25$

$k = 175$

Kanaafuu, gatiin 'k' 175ta'a.

2 $k \times 10 = 470$

Furmaata

$k \times 10 = 470$ kana jechuun

$k = 470 \div 10$

$k = 47$

Kanaafuu, gatiin 'k' 47 ta'a.

Gilgaala - 15

Gaffilee armaan gadii keessatti gatii 'k' barbaadi.

1 $k \div 10 = 80$

2 $k \div 5 = 70$

3 $42 \div k = 7$

4 $360 \div k = 6$

5 $4 \times k = 40$

6 $10 \times k = 2500$

7 $k \times 3 = 642$

8 $k \times 8 = 4976$

5.5.6 Piroleemota jecha furuu

Piroleemota jechaa armaan gadii furi.

Fakkeenya:

Barattoonni kutaa 3^{ffaa} mooraa mana barumsa isaanii keessa biqiltoota 480 dhaaban. Tokkoon tokkoon isaanii biqiltoota ja'a ja'a yoo dhaaban baay'inni barattoota biqiltuu dhaabanii meeqa ta'a?

Furmaata:

Baay'ina barattoota argachuuf baay'ina biqiltoota dhaabamanii baay'ina biqiltoota tokkoon tokkon isaanii dhaabaniif hiri.

$480 \div 6 = 80$


Kanaafuu baay'inni barattoota 80 ta'a

Gilgaala - 16

- 1** Obbo Magarsaan re'ootaa 216 qaban ijoollee isaanii afuriif walqixxeetti yoo qoodan meeqa meeqa wal isaan ga'a?
- 2** Dhaabbannii horii aannanii horsiisu tokko loowwan 456 qaba. Dhaabi kun loowwan kana bakka sadiitti qoodde dirree margaa bakka sadi jiranirratti yoo bobbaase, tokkoon tokkoon dirreerratti loowwaan meeqaatu bobba'e?
- 3** Obbo Daraaraan hojjatoota xaafii haamaniif 7'f qarshii 280 kanfalan. Tokkon tokkoon hojjatoota isaanii qarshii meeqa meeqa argatan?
- 4** Aadde Jiituun hoolota horsiisan keessaa warra coccoomman 812 hooteelota 7'f walqixa dhiyessan. Tokkoo tokkoo hooteelaaf hoolota meeqa dhiyeessan?
- 5** Obbo Guddataan sa'aatii 8 keessatti biqiltoota 240 dhaaban. Aadde Boontuun immo sa'aatii 5 keessatti 200 dhaaban. Isaan keessa eenyutu sa'atii tokko keessatti biqiltoota baayy'ee dhaabe?
- 6** Aaddee Simboon burtukaana 10kg qarshii 50'n bitanii qarshii 70tti gurguratan.
 - a** Aaddee Simboon burtukaana 1kg qarshii meeqaan bitan?
 - b** Aaddee Simboon burtukaana kg tokkorraa qarshii meeqa buufatan?
 - c** Walumatti qarshii meeqa buufatan?

Boqonnaa

6



SARAROOTAA FI DANAALEE SASSALPHOO

6.1 SARAROOTA WALQAXXAAMURAN, WALTARREE FI PARPANDIIKULARII TA'AN.

Waraqaa adii tokko fudhuutii sirriitti eeggachuudhaan walitti dachaasi. Ammas irra deebi'iitii akkuma sanatti walitti dachaasi.

- Waraqaa walitti dachaafta sana otuu hin diigin lafti inni itti walitti dacha'e maal akka fakkaatu tilmaami.
- Waraqaa walitti dachaafta sana erga diigdee booda lafa dacha isaa irratti sarara sarari (fakkeessi).

Tilmaamni kee sirrii turee?



Sarara sararte lama wal bira qabiiti ilaali. Sararri lachuu kan argaman fageenya wal qixa ta'erratti.


Sararoonni kun sararoota wal tarree jedhamu.

Sararoonni waltarreen fageenya walqixa ta'erratti kan argaman yommuu ta'an tuqaa irratti waltuqan tokkolee hin qaban.

Sararoonni wal qaxxaamuruu hin dandeenye yookaan tuqaa walinii hin qabne sararoota wal tarree jedhamu.


Sararoonni wal qaxxaamuran immoo tuqaa irratti wal tuqan tokko warra qabaniidha. Sararoonni kun sararoota walqaxxaamuroo yookaan walkiphan jedhamu.






Gocha1

Danaawwan kennaman erga ilaaltanii booda sararoonni kennaman waltarree yookaan kan wal qaxxaamuran ta'uu isaanii cimdii cimdiin ta'uudhaan waliin mari'adhaatii deebisaa.




Gocha 2

- 1 Kutaa kee keessatti wanta argaman ilaaludhaan sarara wal tarree kan ta'anii fi sarara wal qaxxaamuroo kan ta'an agarsiisi.
- 2 Hiriyyoota kutaa keessa wajjin teessan wajjin mari'adhaatii sararoota wal tarree fi sararoota qaxxaamuroo jechoota mataa keessaniitiin ibsuudhaan barreessaa.
- 3 Danaarratti akkumma argite kanatti sararoota wal tarree ta'an lama dabtara keerratti sarartuu yookaan wannuma ittiin sararuudhaaf si gargaaru fudhachuudhaan itti gargaarami fakkeessi.
- 4 Sararoota wal tarree fakkeessite kanneen kan qaxxaamuran sarara biraa fakkeessi.




Gilgaala - 1

Danaawwan armaan gadii dabtara keerratti erga garagalchiitee booda warra wal tarree ta'anii fi warra qaxxaamuroo ta'an adda baasi.



Danaa armaan gaditti kenname ilaaluudhaan sararoota warra wal tarree ta'aniifi warra wal qaxxaamuroo ta'an halluu isaaniitiin adda baasi.




6.2 SARAROOTA WALQAXXAAMURAN, WALTAR-REE FI PARPANDIKULAARII FAKKEESSUU.

6.2.1 Sararoota wal tarree

Yaadannoo:


Sararoonni wal tarree:

- ✧ *Tuqaa kiphaa hin qaban*
- ✧ *Yeroo hundumaa kallattiin hariiroo isaanii tokkumaa.*
- ✧ *Fageenyi gidduu isaanii jiru bakka fedheetti yoo safarame wal qixa.*



Gocha 3

- 1 Akkaataan itti safaramu inni sirri ta'e isa kami? (yoo fageenya sararoota wal tarree ta'an jidduu jiru beekuu barbaadan)




- 2 Gara mirgaarratti kan kennaman sararoota wal tarree kana hubadhaa.

Tuqaawwan kennaman gidduu fageenya jiran safaraa.

Tuqaa 'A' hamma Tuqaa 'D' ti santiimeetiraa (cm) ____ ta'a.

Tuqaa 'B' ti hamma 'E' ti Santiimeetira (cm) ____ ta'a.


Tuqaa 'C' ti hamma tuqaa 'F' ti Santiimeetira ____ ta'a.




Waa'ee dheerina sararoota dhaabbataa AD, BE fi CF maal jechuu dandeenya?

Gilgaala - 2

Sararoonni cimdii armaan gaditti kennaman waltarree ta'uu fi hin taanee isaanii safaruudhaan mirkaneessi.



Sararoota wal tarree armaan gaditti kennaman gidduu fageenya jiru safarii argisiisi.



6.2.2 Sarartoo fi seet-iskuweerii gargaar- amuun sararoota wal tarree fi sara- roota qaxxaamuroo fakkeessuu

A Danaa Sararoota wal tarree fakkeessuu

Gocha 4


Sararoota Santiimeetira 3 walirraa fagaatan fakkeessi.

☞ *Danaa sararoota wal tarree fakkeessuuf qajeelfama armaan gaditti kennaman hordofi.*


1 Jalqaba irratti sarartoo kee gargaaramii danaa sarara AB fakkeessi.




- 2 Itti aansuudhaan akkuma danaa kennamerratti agarsiifameetti seet iskuweerii kee sarara AB irra dalga ciibsuudhaan achii ol Santimeetira 3 safariitii tuqaa C kaa'i.



- 3 Achiin booda seet iskuweerii kee gara tuqaa B tti siqsuun akkuma danaarratti agarsiifameetti achii ol santiimeetira 3 safaruudhaan tuqaa D kaa'i.



- 4 Sarartoo kee gargaaramuudhaan sarara karaa Cfi D darbu fakkeessii



Sararoonni lamaan, AB fi CD n fageenya santiimeetira 3irratti kan argaman sararoota wal tarreeti.

Gilgaala - 3

- 1 Sarartoo fi seet-iskuweerii gargaaramuudhaan danaa sararoota wal tarree fageenya kennamanirratti argaman fakkeessi.


a 2cm, **b** 4c **c** 7cm
- 2 Fageenya walqixa ta'erratti kan argaman danaa sararoota wal tarree ta'an sadii waraqaa qulqulluurratti fakkeessi.

B Danaa Sararoota wal qaxxaamuranii fakkeessuu.

Sararoonni diriiroo tokkorratti argaman lama qaxxaamuroo kan jedhaman, yoo tuqaa kiphaa qabaatan qofa.

Fakkeenya

- ➔ E'n tuqaa kiphaa sararoota AB fi CD ti. Kanaafuu sararoonni AB fi CD sararoota walqaxxaamuroodha.
- ➔ E'n ammoo tuqaa qaxxaamuroo yookaan tuqaa kiphaa jedhama.

**Gochaa 5**

Gaaffilee armaan gadi jiran gareedhaan erga irratti mari'attanii booda deebii isaanii hiriyyoota daree keessaniif ibsaa.

- 1 Diriiroo tokkorratti kan argaman sararoonni wal tarree hin ta'in lama tuqaarratti wal qaxxamuraan meeqa qabu?
- 2 Sararoonni qaxxaamuroon lama tuqaarratti wal kutan lama (tuqaa kiphaa lama) qabaachuu ni danda'uu? Maaliif?
- 3 Fageenya sararoota lama gidduu jiru bakka hundatti safaramee santiimeetira 10 yoo ta'e, sararoonni kun qaxxaamuroo ta'uu ni danda'uu? Maaliif?
- 4 Sararoonni AB fi CD'n wal tarree yoo ta'an akkasumas sararoonni CD fi EF'n wal tarree yoo ta'an sararoonni AB fi EF'n wal tarreedha jechuu ni danda'amaa? Maliif?

Sararoonni wal qaxxaamuran lama tuqaarratti walqaxxaamuran irratti kofa sirrii yoo uuman sararoota Parpandikulaarii jedhamu.

Gocha 6


Sarara karaa tuqaa “A” isa sarara qajeelaa ‘ ℓ ’ irra jirurratti parpeendiikulaarii ta’e sarara “ ℓ ” qaxxaamuru fakkeessi.

Sarara parpeendiikulaarii fakkeessuuf qajeelfama armaan gadii hordof.


- 1 Jalqaba sarartuu kee gargaaramiitii sarara “ ℓ ” fakkeessi. Sarara “ ℓ ” irra tuqaa fudhuutii A n moggaasi.



- 2 Akkuma danaa kanarratti argitu seet-iskuweerii kee sarara “ ℓ ” irra dalga ciib-siitii kofa sirri seet-iskuweerii keetti tuqaa “A” irra kaa’i. itti aansudhaan sarara seet-iskuweerii keetirraa achii ol tuqaa B moggaasii kaa’i.




- 3 Sarara karaa A fi B darbu fakkeessi.




- 4 Sararoonni qajeeloon “ ℓ ” fi AB’n sararoota parpeendiikulaarii ti/dhaasooti.

Gilgaala - 4

- 1 Karaa tuqaalee sarara kennamerratti kan darban sararoota parpandiikulaarii ta'an seet-iskuweerii kee gargaaramuun fakkeessi.



- 2 Danaalee kenname ilaaluudhaan sararoota cimdii wal tarree, wal qaxxaamuranii fi Parpandiikulaarii ta'an adda baasiitii barreessi.




- 3 Sararoonni wal qaxxaamuroon hundi parpandiikulaariidhaa? Maaliif?

Dabalata

Sararoonni danaarratti kennaman sararoota akkamiiti?

- 1 Sararoonni kennaman kun sararoota qaxxaamuroo ta'uu ni danda'uu?
- 2 Wal tarree hoo ta'uu ni danda'uu?



Sararoonni akkasii sararoota wal hin arganne jedhamu. Mee kutaa kee keessaa sararoota wal hin arganne barbaadiitii agarsiisi.

6.3 REEKTAANGILOOTA, ISKUWEEROTA, PARAALELOOGIRAAMOTAA FI TIRAAPPIIZIYEMOOTAA.

Gabateen gurraachi kutaa keetti argamu baayyeen isaanii boca rog afree qabu.


Manneetiin kondominiyeemii magaalaa Finfinneetti ijaaraman baayyeen isaanii boca rogarfee qabu.



<i>Paraaleloogiraamii</i>	<i>Tiraappiiziyemii</i>	<i>Reektaangilii</i>
Rog-afreerogni cimdiin walfullee ta'an waltarree fi dheerina walqixa ta'e qabaniidha.	Rog-arfee rogni cimdiin tokko qofti waltarre ta'e dha	Paraaleloogiraamii kofti isaa arfan kofa sirrii ta'an
<i>Rohombosii</i>	<i>Iskuweerii</i>	
Paraaleloogiraamii dheerinni roga isaa arfan walqixxee ta'e dha.	Paraaleloogiraamii kofti isaa arfanii fi rogni isaa arfan walqixa ta'an	

Gocha 7




- 1 Fakkiwwan rogarfee armaan gadii keessatti kennaman moggaasa maqaa isaaniirratti cimdii cimdiiidhaan erga irratti mari'attanii booda ibsa itti kennaa.



- 2 Kutaa keessan, mana keessanii fi naannoo keessanitti meeshaalee argaman ilaalaatii kan boca paaralalogiraamii, reektaangilii, iskuweerii, tiraapiziyemii fi rohombosii qaban adda baasuudhaan hiriyyootan keessan kutaa keessa jiraniif ibsaa.

Amaloota rog afree sasalphaa

a	Paaralaloogiraamii	
		<i>Rogoonni fuulleen wal tarreedha.</i> <i>Rogoonni fuulleen dheerinni isaanii walqixa</i>
b	Reektaangilii	
		<i>Rogoonni fuulleen wal tarreedha</i> <i>Rogoonni fuulleen dheerinni isaanii walqixa.</i> <i>Kofoonni isaa arfanuu kofa sirriidha.</i> <i>(Rogaaleen maddii parpendiikulaariidha.)</i>


c	Rohombosii	
		<i>Rogaaleen fuulleen wal tarreedha.</i> <i>Rogaaleen isaa arfanuu dheerinni isaanii walqixa.</i>
d	Iskuweerii	
		<i>Rogaaleen fuulleen wal tarreedha.</i> <i>Rogaaleen isaa arfanuu dheerinni isaanii walqixa.</i> <i>kofoonni isaa arfanuu kofa sirroota/qixxeedha.</i>
e	Tiraappiiziyemii	
		<i>Rogaaleen fuulleen cimdiin tokko wal tarree dha</i> <i>Rogaaleen cimdiin tarree ta'an dheerinni isaanii garaagara.</i>

Gocha 8

- 1 Ibsa waa'ee amaloota rog arfee sasalphaa armaan olitti kennamanii sirritti dubbisaa. Itti aansuudhaan gaaffilee armaan gaditti kennaman gareedhaan kutaa keessatti irratti mari'adhaa. Isa booda sobaa fi dhugaa ta'uu isaanii sababa isaa wajjiin adda baasaatii hiriyyoottan daree keessaniif dhiyeessaa.
 - a Rektaangiliin kamiyyu paaraalaloogiraamiidha.
 - b Tiraappiiziyemiin kamiyyu paaralalogiraamiidha.
 - c Iskuweeriin kamiyyu roombasiidha.
 - d Reektaangiliin kamiyyu iskuweeriidha.
 - e Iskuweeronni tiraapiziyemii ta'uu ni danda'u.

Gilgaala - 5


1 *Rogaalee armaan gaditti kennaman utuu hin safariin dheerina isaa barreessi.*



Paaraalaloogiraamii

AB = ____ cm

AD = ____ cm




Iskuweerii

AB = ____ cm

DC = ____ cm


AD = ____ cm



Rektaangilii

AB = ____ mm

BC = ____ mm



Roombasii

AB = ____ cm

AD = ____ cm

DC = ____ cm

2 Kan armaan gadii keessaa paaraalaloogiraamii kan hin ta'iin fili.

a Iskuweerii

b roombasii

c Tiraappiziyemii

d Rektaangilii

3 Rektaangiliis roombasiis kan ta'e isaa kami?


a paaraalaloogiraamii

b Iskuweerii

c Tiraappiziyemii


Gocha 9

- 1 Fakkiilee tuqaaleen fakkeeffaman armaan gadii waraqaa keessanirratti sirritti garagalchaa. Tuqaalee kana wal qabsiisaatii rog arfee fakkeessaa. Maqaa rog arfoota kanneeniimmoo jalatti Barreessaa.

**Dabalata**

Barbaadaatii argadhaa.

- 1 Fakkii kenname kana keessa iskuweerota meeqa tu jira?
- 2 Reektangiloota meeqatu jira?




6.4 GEENGOO

Wantootaa adda addaa naannoo keetti argaman gargaaramuudhaan geengoo fakkeessuu ni dandeessaa?

Agiraafii ittiin waraqaa wal qabsiisanitti gargaaramuun geengoo fakkeessuu ni dandeessa.

- ✧ *Fiixee qubeessaa keetii isa tokkoo tuqaa ka'umsaa irra ka'itii sirriitti akka hin sochonetti gadi qabi. Fixee qubeessaa keetii isa lammaffaa mataa agiraafii keessaa galchuun naanneessi. Fakkiin argamu geengoo ta'a.*
- ✧ *Tuqaan ka'umsaa kun handhuura geengichaa jedhamti.*



Gocha 10

Wantootaa naannoo keessanitti argaman adda addaatti gargaaramuun geengoowwan adda addaa fakkeessi.

Geengoon kun geengoo 'A' jedhamee waamama.


Tuqaa "A" n handhuura jedhama.

Sararri tuqaalee geengoo tokkorratti argaman lama wal qabsiisu koordii jedhama. sararri dhaabbataan DF koordiida.

Koordiin inni handhuurarra dabruun tuqaalee geengoo lama walqabsiisu diyaameetirii jedhama..


Sararri dhaabbataan inni handhuuraa fi tuqaa geengoorratti argamu kamiyyuu wal qabsiisu raadiyasii jedhama.

Dheerinni raadiyasii walakkaa dheerina diyaameetiriiti.




Gocha 11

- 1 Maqaa handhuura geengoo kennamee barreessi.
- 2 Maqaa koordota geengichaa barreessi.
- 3 Maqaa diyaameetirii geengichaa barreessi.




Gilgaala - 6

1 Warra geengoo ta'an keessaa fili.




a



b




c




d


2 Isa raadiyasii agarsiisu fili.



a




b




c


3 Isa diyaameetirii agarsiisu fili.



a




b




c


4 Isa koordii agarsiisu fili.



a




b



c

5 Geengowwan kennaman ilaaluudhaan bakka duwwaa guutaa.


a



Raadiyaasii = ____ cm

Diyaameetirii = ____ cm

b




Raadiyaasii = ____ cm

Diyaameetirii = ____ cm

kompaasiitti gargaaramuun gengoowwan fakkeessuu

Kompaasiitti gargaaramuun geengoo fakkeessuudhaaf qajeelfamoota kana hordof.

- 1 *Dheerina raadiyaasii barbaaddeen fiixee qubeessaafi fiixee kompaasii gargar saaqi.*
- 2 *fiixee qara kompaasii tuqaa tokkorra kaa'i. Tuqaan kunis handhuura geengichaa ta'a.*
- 3 *Fiixee qubeessaa koompaasichaa naannoo tuqaa handhuuraarraa naanneessi.*



Gocha 12

- 1 Waraqaa keessan irratti geengoo dheerinni radiyasii isaa santimeetira 3 ta'e fakkeessi.
- 2 Handhuura geengichaa C jedhii moggaasi.
- 3 Radiyesii fakkkeessiitii $\overline{CB}$ jedhii moggaasi.
- 4 Diyaameetirii fakkeessii ti $\overline{EF}$ jedhii moggaasi.
- 5 Koordii fakkeessiitii $\overline{GH}$ jedhii moggaasi.
- 6 Koordii isa karaa C darbu fakkeessii ti $\overline{HI}$ jedhi moggaasi. Maqaan HI kan biraan maali?

Gilgaala - 7

1 *Gabatee kana guuti.*

Raadiyesii	2 cm	5 cm		9 cm		15 cm	
Diyaameetirii	4 cm		16 cm		26 cm		36 cm

2 *Soba yookaan dhugaa jedhii deebisi.*

- a Geengoo kamiifiyyuu dheerinni raadiyesoota isaa walqixa.
- b koordii fi radiyesiin isaan tokkuma.
- c Koordiin geengoo tokkoo hundi isaanii dheerina walqixa ta'e qabu.
- d Fageenyi tuqaaleen geengoo tokkorratti argamanii handhuura isaarraa qaban adda adda ta'u ni danda'a.
- e Koordiin inni dheeraan diyaameetiriidha.
- f Dheerinni diyaameetirii walakkaa dheerina radiyesii.

Boqonnaa

7



MAALLAQA

7.1 YUUNITOOTA MAALLAQAA WALITTI JIJJIIRUU

Dinaarota Maallaqa Itoophiyaa



Saantiima 1

Saantiima 5

Saantiima 10

Saantiima 25

Saantiima 50

Qarshii 1

Noottota maallaqa Itoophiyaa



Qarshii 5

Qarshii 10

Qarshii 50

Qarshii 100

Gocha 1

- 1 Hariiroo dinaaroota noottiiwwan Itoophiyaa irratti mari'adhaatii walitti dhufeenya isaan gidduu jiru dabaree dabareedhaan ibsaa.
- 2 Maallaqa kennaman gara sharafa xixiqqaatti jijjiiraa.



Qarshiin dhibba 1

= Noottii qarshii shantamaa meeqa?



Noottiin qarshii 50

= Noottii qarshii 10 meeqa?



Noottiin qarshii shanii tokko

= noottii qarshii 1 meeqa?



Qarshiin 1

= Dinaarii saantima 10 meeqa ta'a?

Ayyaantuun saantiima 97 abbaan ishee kennaniif akka armaan gaditti kennametti akka jijjiirrachuu dandeessu hubatte.



Danaan kun:

Saantiima Ayyaantuu 97 kana saantiima 25, saantiima 10, saantiima 50 saantiima 5 fi saantiima 1tti gargaaramuun haala itti jijjiiruun danda'amu barbaadaa.



Saantima Ayyaantuu 97 kana saantima 25, 10 fi 1 tti fayyadamuun haala itti sharafuun danda'amu karaa biroo barbaadaa.

Gilgaala - 1

1 Noottii maallaqa armaan gaditti kenname gara sharafa barbaadameetti jijjiiri.

a



Qarshii



Qarshii



Qarshii

b



saantiima



saantiima



saantiima

c

2 Gaaffilee armaan gadii deebisi.

- a** Qarshiin sadii saantiima 25 meeqatti jijjiirama?
- b** Qarshiin 10 saantiima 50 meeqatti jijjiirama?
- c** Qarshiin 5 saantiima 10 meeqatti jijjiirama?
- d** Qarshiin 2 saantiima 5 meeqatti jijjiirama?
- *e** Qarshiin 2 fi saantiimni shantamni dinaarii 25 meeqatti jijjiirama?

3 Maallaqa armaan gaditti kennaman karaa itti jijjiiruun danda'amu lama barbaadi.

- a** Qarshii 3
- b** Qarshii 74
- c** Saantiima 55
- d** Saantiima 68
- e** Saantiima 26
- *f** Qarshii 1 fi saantiima 25

7.2 PIROBILEEMOTA JECHAA


Gocha 2



Haqxuu
qubeessaa
Saantiima 30



Qubeessaa
Qarshii 1



Barruulee (Dabtarii)
Qarshii 2 fi Saantiima 50





Peennaa
Qarshii 1fi
Saantiima 80



qartuu
qubeessaa
Saantiima 65

- 1 Meeshaalee armaan gadii bituuf maallaqa barbaachisu shallagi.




- 2 Barruulee 1, qubeessaa 1fi peennaa 1 yoo bitte, qarshii fi saantiima meeqa kaffalta?
- 3 Qartuu qubeessaa 1, haqxuu 1fi qubeessaa 1 yoo bitte qarshii fi saantiima meeqa kaffalta?
- 4 Qarshii 5 yoo qabaatte meeshaalee armaan olii keessaa maalfaa akka bitachuu dandeessu barreessi.

- 5 Wayyeessaan qarshii 2 qaba. Peennaa tokko yoo bitate deebii meeqa argata?
- 6 Haqxuu 1 fi qartuu qubeessaa 1 bittee qarshii 1 yoo kafalte saantiima meeqatu siif deebi'a?
- 7 Moosisaan dinaarii saantiima 50 sadii, dinaarii saantiima 10 shanii fi dinaarii saantiima 5 shan qaba. Barruulee tokko bitachuuf dinaarii meeqa isa barbaachisa?


Gilgaala - 2

Yeroo ta'etti suuqii waldaa gantaa maa'i baasii tokko keessa gatii biqiltuu adda addaa akka gabatee armaan gadiitti kennamerratti mul'atu.

		Gosa ashaakiltii	Gatii 1kg
1	Gatiin timaatimii 2kg meeqa?		Qarshii 5
2	Dinnicha 1kg fi qullubbii diimaa 1kg yoo bitte meeqa kaffalta?		
3	Gatiin timaatimii 1kg, dinnicha 1kg fi qaaraa 1kg walitti meeqa ta'a?		Qarshii 4
4	Gatiin qullubbii diimaa 1kg fi qaaraa 1kg meeqa ta'a?		
5	Gatiin dinnicha walakkaa kiloogiramii tokkoo meeqa?		Qarshii 6 fi saantiima 50
			Qarshii 1 fi saantiima 25
6	Bariisoo qarshii 1 qaba. Saantiima 78'n yoo akaawwii bitate, saantiima meeqatu isaaf hafe?		
7	Waamiin dinaarii saantiima 25 sadii qaba. Saantiima 60'n yoo kophee haxoofsifate saantiima meeqatu hafaaf?		
8	Dammeen akka uffata mana barumsaa hodhisiifattuuf abbaan ishee qarshii 100 kennaniif. Qarshii 48 wandaboo isaa qarshii 25'n immoo qomee isaa yoo hodhisiifate, qarshii meeqa irraa hambifate?		
9	Caaltuun dinaarii saantiima 25 sadii fi dinaarii saantiima 50 lama qabdi. Qarshii 1 fi saantiima 50'n yoo barruulee bitatte, deebii hammam fudhatti?		

Boqonnaa

8



YEROO

8.1 SA'AATII DUBBISUU

Yeroo safaruuf sa'aatiitti gargaaramna.

Gocha keessa deebii

Sa'aatiin meeqa?



a



b



c


Xiyyi daqiiqaa lakkaa'u 12 irraa ka'ee yoo 1 irra ga'e, daqiiqaa shan adeema. Haalumaa wal fakkaatuun, sochii xiyya daqiiqaa lakkaa'u, daqiiqaa shan shaniin lakkaa'uun sa'aatii himuun ni danda'ama.

Danaan kun sa'aatii 1 fi daqiiqaa 25 agarsiisa. Innis yommuu barreeffamu 1:25 ta'a.



Gilgaala - 1

Sa'aatiin meeqa?




Gocha 1

Sa'aatii dhaaba manarraa erga ilaalanii booda, Magartuun sa'aatii 10 : 40 ta'uu himte. Galgaloon ammoo sa'aatii kudha tokko ta'uuf daqiiqaa digdama hanqata jedhe. Akkaataan ijoolleen lamaan kun sa'aatii itti dubbisan garaa garummaa qabaa? Irratti mari'adhaa.


Gilgaala - 2

Sa'aatii armaan gaditti kenname karaa lamaan ibsi.

- 1 3 : 45 sa'aatii 3fi daqiiqaa 45 ykn sa'aatii 4f kurmaana hanqata.
- 2 4 : 50 Sa'aatii---- fi daqiiqaa --- ykn sa'aatii ----- ta'uuf _____
- 3 6 : 30
- 4 12 : 55
- 5 7 : 40
- 6 8 : 35

Sa'aatiin meeqadha?

:



:



:



:



:






:



:

Fakkiilee sa'atii kennamanii barrulee keerratti fakkeessuun sa'aatii sirriitti (haala sirrii ta'een) agarsiisi.

9:252:357:053:10

8.2 SA'AATII FI DAQIIQAA

- 1 Xiyyi sa'aatii lakkaa'u 12 irraa ka'ee 1 irra yoo ga'e sa'aatii meeqa darbeera jenna?
- 2 Xiyyi daqiiqaa lakkaa'uu 12 irraa ka'ee 1 irra yoo ga'e daqiiqaa meeqa darbeera jenna?
- 3 Xiyyi sa'aatii lakkaa'u 12 irraa ka'ee 1 irra yoo ga'e inni daqiiqaa lakkaa'u daqiiqaa meeqa adeeme?



Hubadhu

Hariiroon sa'aatii fi daqiiqaa akka armaan gadii ta'a.

Sa'aatiin 1 = Daqiiqaa 60

☞ *Sa'aatii daqiiqaatti jijjiruudhaaf, sa'aatii kenname 60n baay'isi.*

Fakkeenya

Sa'aatiin 2 = Daqiiqaa _____ dha

$$2 \times 60 = \text{Daqiiqaa } 120$$

Kanaafuu sa'aatiin 2 daqiiqaa = 120

Gocha 2

Saanduqa kana guutaa.

Sa'aatii	1	2		4	5
Daqiiqaa	60		150		

Gilgaala - 3

- wayitiin barumsaa inni ganamaa gara sa'aatii 4 fudhata. Inni sa'aa boodaammoo gara sa'aatii 2 fudhata. Guyyaan barnootaa tokko akka walii galaatti gara sa'aatii meeqaa fixa (fudhata)?
- Mul'ataan hojii manaa barnoota herregaa hojjechuuf daqiiqaa 25 itti fudhata. Akkasumas hojii manaa saayinsii hojjechuuf daqiiqaa 15 yoo itti fudhate hojii manaa isaa hojjetee fixuuf daqiiqaa meeqa itti fudhata?
- Tolaan guyyaatti sa'aatii 8 mana barumsaatti yoo dabarsee fi achii galeemmoo sa'aatii 2 qayyabannaarratti yoo dabarse, guyyaa keessatti sa'aatiin inni barumsaa fi qayyabannaa irratti dabarse meeqa ta'a?
- Galatoon qormaata isaa hojjetee fixuuf daqiiqaa 38 itti fudhate. Robeeraatti immoo daqiiqaa 45 fudhate. Galatoon daqiiqaa meeqaan Roobeeraa dursee fixe?

8.3 GUY YAA, TORBAN, JI'AA FI WAGGAA

Gocha 3

Guutaan har'a wagga 1^{ffaa} guyyaa dhaloota isaa kabajata.

- a Guutaan erga dhalatee ji'a meeqa?
- b Guutaan erga dhalatee torbaan meeqa?

Hariiroon yuuniitoota safara yeroo akka armaan gadiitti ibsamee jira.

Sa'aatiin 1 = Daqiiqaa 60 Jiini 1 = Guyyoota 30

Guyyaan 1 = sa'aatii 24 Waggaan 1 = Torbaan 52

Torbaan 1 = Guyyoota 7 Waggaan 1 = Ji'oota 12

Gilgaala - 4

- 1 Jiituu fi hiriyyoottan ishee sa'aatii 1 taphachaa turan. Jiituunfaa daqiiqaa meeqa taphachaa turan?
- 2 Daraartuun torban lamaaf akkoo ishee gaaffachuu gara magaalaa Moojoo deemtee achitti dabarsite. Daraartuun guyyaa meeqa Moojoon turte?
- 3 Waggaa tokko keessatti wayitiin barnootaa gara ji'a 10 ti. wayitiin barnootaa waggaa gara torbaan meeqaa ta'a?
- 4 Ji'oonni Adooleessaa fi Hagayyaa barattootaaf yeroo boqonnaati. Yeroon boqonnaa kun guyyaa meeqa ta'a?

5 *Walitti Firoomsi*

A.

B.

- | | |
|---------------|---------------|
| 1 Torban 52 | a Guyyaa 1 |
| 2 Sa'aatii 24 | b Ji'a 1 |
| 3 Guyyoota 30 | c Sa'aatii 24 |
| 4 Guyyaa 1 | d Waggaa 1 |
| 5 Ji'oota 12 | |

Dabalata

*Guyyaan sabaa fi sab-lammootaa erga kabajamee torbaan afurtamni darbeera.
Guyyaan kun erga kabajamee waggaa guutuuf torbaan meeqatu hafa?*

8.4 KAALANDARII SALPHAA

Gocha 4

Kaalandarii kana ilaalaa

Waxabajjii 2003						
Dilbata	Wiixata	Kibixata	Roobii	Kamisa	Jimaata	Sanbata
			1	2	3	4
5	6	5	8	9	10	11
12	13	14	15	16	17	18
19	20	21	22	23	24	25
26	27	28	29	30		

- 1 Guyyoonni torbaan keessa jiran eenyu fa'ii?
- 2 Waggaa tokko keessa ji'ootaa fi torbaan meeqatu jira?
- 3 Kaalandariin kenname kan ji'a kamii agarsiisa?
- 4 Akka kalaandarii kennameetti Waxabajjiin 5 bara 2003 guyyaa kam irra oola?

Guyyoota yommuu barreessinu, akkaataa kanaan gabaabsinee barreessuu ni dandeenya.

Guyyaa/Ji'a/Bara

Fakkeenya

Waxabajjii 5 bara 2003 yommuu barreessinu

5/10/2003 ta'a. (A.L.H. tti Waxabajjiin ji'a kurnaffaa ta'uu isaa hubadhu!)

Gocha 5

Kalandarii barsiisaan keessan fidanii gara kutaa dhufan gargaaramuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.(Gareedhaan):

- 1 Har'a guyyaan meeqa? Kalandariirra barbaadaatii deebisaa.
- 2 Guyyaan dhaloota keessanii guyyaa kam irra akka oolu agarsiisaa.
- 3 Guyyaa dhaloota keessanii gabaabinaan barreessaa.
- 4 Kalandarii isin harka jiru gargaaramaati Fulbaanni 1 guyyaa torbaan kamiirra akka oole barreessaa.
- 5 Akka kalandarii isin bira jiruutti Waxabajjiin 30 guyyaa kamiirra oola?

Dabalata

Kalandarii irratti guyyaan itti ayyaanni amantii adda addaa fi kan guutummaa biyyooleessaa kabajaman agarsiifamaniiru. Kana keessaa guyyaa ayyaanni injifannoo Aduwaa fi Meeyii Deeyiin (Guyyaa hojjettoota Addunyaa) itti kabajamu barbaadaa. Guyyaa torbaanii keessaa isa kamiirra oolu?

Boqonnaa

9

Kutaa 1 ^{ffaa}	 
Kutaa 2 ^{ffaa}	 ...
.	
.	
.	

Tokkoon tokkoo  kan bakka bu'u

QABANNAA DAATAA

9.1 GIRAAFOTA FAKKIILEE SASSALPHOO

Giraafonni fakkiilee daataa ragoolee adda adda akka salphatti ibsuuf gargaaru.

Gocha 1

Barataa Olaaniin ijoollota kutaa isaa keessa jiran keessaa kan beelladoota qaban ragaa isaanii funaanee baay'ina isaanii gabatee kenname kanaan argisiseera.

Baay'ina barattoota kutaa 3 ^{ffaa} A keessaa kanneen beella doota qabanii		
Makoodii	////	4
Adurree	### ///	8
Saree	### ### //	12

✎ *Ragaa dhuma kana barataa tokko mallattoo  Kana kaa'udhaan giraafii fakkiitiin agarsiisuu barbaada.*

- 1 Olaaniin baay'ina barattoota makoodii qabanii giraafii fakkiileetiin agarsiisuuf mallattoo  meeqa isa barbaachisa?
- 2 Akkasumaas kan adurree qaban agarsiisuuf mallattoo  meeqa isa barbaachisa? Kan saree qabanifoo?

Baay'ina barattoota kutaa 3 ^{fa} A keessaa kanneen beella doota qabanii	
Makoodii	   
Adurree	
Saree	
Tokkoon tokkoo  barataa agarsiisa.	

Taattota/Giraafota fakkiilee kaasuf qajeelfama armaan gadii hordof.

- i *Ragaa sassaabame kan bakka bu'u fakkii filachuu*
- ii *Tokkoon tokkoon ragichaa fakkii meeqaan akka bakka bu'an murteessuu*
- iii *Ragicha fakkii sanaan ibsuu*
- iv *Giraafii fakkiilee sanaaf mataduree kennudhaan fakkiin tokko meeqa akka bakka bu'u miijalatti ibsuu.*

- 3 Giraafii fakkiilee Olaanii waraqaa keessanirratti garagalchaatii kan hir'ate guutaa.

Baay'ina kitaabota Tolaa fi hiriyyoonni isaa ganna dubbisan

Tolaa	### ###	10
Caaltuu	### /	6
Ibsaa	### //	7
Gadaa	### ////	9

- 4 Gabatee kenname ilaaludhaan ragaawwan kennaman giraafii fakkiileetiin agarsiisaa.

- 5 Giraafii fakkiilee yeroo fakkeessitan kitaabolee lama mallattoo  kanaan yoo bakka buuftan kitaabolee 10 mallattoo meeqaan bakka buftu?

- 6 Mallattoon  yoo kitaaba lama bakka bu'a ta'e kitaaba tokko bakka buusuuf maal goona. Irratti mari'adhaa.

Gilgaala - 1

- 1 Gabatee kenname kanatti gargaaramuudhaan baay'ina miseensota kilabii saayinsii ta'anii kutaa adda addaa keessatti kan argman kan agarsiisu giraafii fakkiilee fakkeessii.

Baay'ina miseensota gumii saayinsii

Kutaa 1 ^{ffaa}	//	2
Kutaa 2 ^{ffaa}	////	4
Kutaa 3 ^{ffaa}	### ///	8
Kutaa 4 ^{ffaa}	### /	6
Kutaa 5 ^{ffaa}	### ////	9

✎ *Giraafii keetiif mata duree kennuu hindagatiin*

✎ *Giraafii fakkiilee fakkeessuuf akka isin gargaaruuf akka armaan gadiitti jalqabameera.*

Kutaa 1 ^{ffaa}	 
Kutaa 2 ^{ffaa}	 ...
.	
.	
.	

Tokkoon tokkoo  kan bakka bu'u

- 2** Barattoota kutaa kee keessatti argaman keessaa barattoota 5 filadhu. Yeroo boqonnaa isaaniitti maatii isaanii hojii gargaaruudhaaf sa'aatii meeqatti akka gargaaraman gaafadhu. Ragaa isaanirraa argatte kana gabateedhaan keessee erga agarsiiftee booda giraafii fakkiileetiin agarsiisi.

Hojii garee

Barattoonni kutaa keessa jirtan garee lamatti qoodamaatii kan armaan gadiirratti ragaa funaanaa. Ragaa keessan giraafiirratti agarsiisaa.

- Garee 1** Barattoota kutaa keessanii muuzii, Maangoo fi burtukaana keessaa kamiin caalmaatii jaallattu jedhaa gaafadhaa.
- Garee 2** Tapha kubbaa miilaa, kubbaa saaphanaa fi fiigicha keessaa kamiin irra jaallattu jedhaa gaafadhaa.

9.2 GIRAAFOTA FAKKII SASSALPHOO IBSUU

Taattota/ Giraafota fakkii ilaaludhaan ragaalee adda addaa akka salphaatti argachuun ni danda'ama.

Gocha 2

Jamiilaan akaakuu taphaa ijoolleen kutaa ishee jiran jaallatan kan argisiisu giraafii fakkii qopheessite.

- 1** Akaakuun tapha tokkoon tokkoon isaa ijoollota meeqaan bakka bu'e?
- 2** Akaakuun taphaa barattoonni baay'een jaalla'atan isaa kami?
- 3** Funyoo utaaluu fi farfannaa farfachuu keessaa isa kamiin barattoonni baay'een jaallatu?
- 4** Akaakuun taphaa inni barattoonni xinnoon jaallatan isa kami?

Gosoota taphaa barattoonni jaallatan	
Kubbaa miilaa	☐ ☐ ☐ ☐ ☐ ☐
Faaruu faarsuu	☐ ☐ ☐ ☐ ☐
Walari'uu	☐ ☐ ☐
Dhokachoo	☐ ☐
Funyoo utaaluu	☐ ☐ ☐ ☐
☐	barataa tokko bakka bu'a.

Gilgaala - 2

- 1 Barattoonni barsiiftuu Biiftuu giraafii fakkii baay'ina biqiltoota guyyaa sadii keessatti moraa mana barumsaatti dhaaban agarsiisu qopheessan.

Jimaata hamma Dilbataatti baay'ina biqiltoota dhaabamanii	
Jimaata	
Sanbata	
Dilbata	

tokkoo  barataa tokko bakka bu'a.

- a Biqiltoonni baay'ee kan dhaabaman guyyaa kami?
- b Biqiltoonni tokkoon tokkoon guyyaatti dhaabaman meeqa?
- c Biqiltoonni xinnoon kan dhaabaman guyyaa kami?
- d Biqiltoonni gaafa Sanbataa dhaabaman warra gaafa Jimaataa dhaabaman meeqaan caalu?
- e Biqiltoonni guyyaa sadan keessatti dhaabaman walumatti meeqa ta'u?
- *f Gatiin biqiltuu tokkoo qarshii lamaa fi saantima shantama yoo ta'e, gatiin biqiltoota guyyaa Jimaataa dhaabamanii meeqa ta'a?

- 2 Giraafii fakkiin armaan gaditti kenname, baay'ina guyyaa bokkaan itti roobee kan ji'a waxabajjii hamma onkoloolessatti jiru agarsiisa.

Ji'oota	Baay'ina guyyoota bokkaan itti roobe
Waxabajjii	
Adoolessa	
Hagayya	
Fulbaana	
Obkololeessa	

tokkoon  guyyaa lama bakka bu'a.

tokkoon  guyyaa tokko bakka bu'a

- a** Tokkoon tokkoon  guyyaa meeqa bakka bu'a?
- b** Tokkoon tokkoon ji'oota kennaman keessatti guyyaan bokkaan itti roobe meeqa meeqa ta'u?
- c** Jiini bokkaan guyyaa baayyee dhaaf itti roobe isa kami?
- d** Jiini bokkaan guyyaa yartuudhaaf itti roobe isa kami?
- e** Ji'a Waxabajjii fi Hagayyaa keessaa bokkaan guyyaa baayyeef itti roobe isa kami?
- f** Ji'a kennaman shanan keessatti guyyoottan bokkaan itti roobe walumatti meeqa ta'u?

Hojii garee

- 1** Hojii garee isa boqonnaa 9 irratti kenname erga gareedhaan hojjettanii xumurtanii booda giraafota fakkiilee hojjettan waljijjiruudhaan ragoolee achi keessatti argattan galmeessaatii barattoota kutaa keessaniif ibsaa.
- 2** Faayidaa giraafota fakkiilee gareedhaan erga irratti mari'attanii booda barattoota kutaa keessaniif dhiyeessaa.

BARNOOTA HERREGAA

Kitaaba Barataa
Kutaa 3

ISBN 978-99944-2-156-5



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

Gatiin QrIT 21.05